# QAACCESSA WEEDDUU ARRABSOO SIRNA FUUDHAAFI HEERUMAA OROMOO WALLAGGA LIXAA AANAA JAARSOO IJA YAAXXINA CAASAAN

**WAAQJIRAA LAMMEESSAA TUMMEETIIN**

**YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANO TAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGABARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**
**FINFINNEE**

# QAACCESSA WEEDDUU ARRABSOO SIRNA FUUDHAAFI HEERUMAA OROMOO IJA YAAXXINA CAASAAN GODINA WALLAGGA LIXAA AANAA JAARSOO

**WAAQJIRAA LAMMEESSAA TUMMEE**

**GORSAA: XILAAHUN TALIILAA (PhD)**

**WARQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGABARRUUFI FOOKLOORIIN DHIYAATE**

**YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANO TAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGABARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**

**FINFINNEE**

**YUUNIVERSIITII ADDIS ABABAA**

**DHAABBATA DIGIRII DURAATIIN BOODDEE**

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Gamisaan Guuttachuuf Qophaa'e mata duree Qaacceessa Weedduu Arrabsoo Sirna Fuudhaafi Heeruma Oromoo Ija Yaaxxina Caasaan Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Jaarsoo Jedhu Waaqjiraa Lammeessaa Tummeen Kan Dhiyaate Sadarkaa Madaallii Yuunversiitiin Kaa'e guute

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa________________________________Mallattoo_______Guyyaa____________

Qoraa Keessaa_______________________________Mallattoo_______Guyyaa____________

Gorsaa ____________________________________Mallattoo ______Guyyaa____________

Itti Gaafatamaa Muummee Yookiin Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

## *Axereeraa*

*Kaayyoon qorannoo kanaa ijaarsa gaaleewwaniifi ciroowwan weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo irraa ijaaraman, qindoomina caasaa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoofi dhimmoota weedduun arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo irratti xiyyeeffatu ija yaaxxina caasaan qaaccessuudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf maddi ragaa qorannoo odeeffannoon irraa funaaname hawwootaafi sakattaa dookimentiiti. Od-himtootni ragaa kennuuf filataman mala iddatteessuu miti-carraa keessaa mala iddatteessuu akkayyooti.Odeeffannoo ragaa kennitoota irraa karaa marii garee, daawwannaafi sakattaa dookimentiin funaanuun od-himtootaaf qophaa'e irraa ka'uun ijaarsa gaaleewwaniifi ciroowwan weedduun arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa irraa ijaaraman, qindoomina caasaa weeddichaafi dhimmoota weeddichi irratti xiyyeeffatu ija yaaxxina caasaan qaacceffame. Innis weedduun arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa jechoota filatamoo, gaalee fi ciroo miira gurbaa fuudhuufi intala heerumtuu tuquun barsiisuu, gorsuu, akeekkachiisuufi onnachiisuun amala badaa irraa deebisuu dandeessisu irraa ijaarame. Qindoominni caasaa isaas unkaan gabaabaa, xumura bo'oo irratti sagalee walfakkaataa qabaachuu, irra deddeebii sagaleefi jechaa qabaachuu, ceesisaa fi qindoomina duraa duubaa qabaachuun isaa weeddichi akka yaadatamu taasisee jira.*

# Galata

Qorannoon kun akka naaf milkaa'uuf yeroo isaanii aarsaa naaf gochuun gorsa kan naaf kennaniifi naaf sirreessan gorsaa koo Xilaahun Taliilaa (PhD) fi Dastaa Dassaaleny (PhD) guddaan galateeffadha. Itti aansuun ragaa kennitoota koo yeroo isaanii aarsaa godhanii nuffii tokko malee waanta gaafataman hunda irratti yaada naaf kennan maraaf galata guddaan qaba. Akkasumas qorannoo kana keessatti barreeffamaan kan na deggeran Obbo Isaayyaas Waaqtolaa, Obbo Taammanee Cammiruu, Obbo Habtaamuu Gaarii, Obbo Gammachuu Qixxaataa fi Aadde Ayyaanee Tamasgeen osoon hin galateeffatin hin darbu.

## Jibsoo

| | |
|---|---|
| Ashilaa- | Gurbaa fuudhu |
| Ashoo- | Intala heerumtu |
| Ateeta hinooltu- | Ayyaana dubartootaa hinoolu |
| Boobee- | Midhaan dheedhii |
| Gatiin balbalaa soddomaa- | Qarshii balbala irratti kennanii olseenani |
| Gomjii- | Sumsuma |
| Gursummaa- | Kan heerumtee galte |
| Gunfura arbaa- | Faacha arbaa |
| Mukarbaa doggomaa- | Muka abbaan arge koru |
| Rakoo- | Durbummaa |
| Salgan nadheenii- | Ayyaana dubartii deessee gaafa salganii |
| Shaxee- | Biqila midhaanii reefuu guddatu |
| Soolana- | Kan umuriin giddugaleessaa |
| Soottoo- | Alangaa |
| Sooyyama- | Gosa mukaa kan garaan isaa keessi qaawwaa ta’e |
| Suubboo- | Kan fuudhe |
| Tirmaa- | Kennaa intalli heerumtu fiddu |

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereeraa ........ i
Galata ........ ii
Jibsoo ........ iii
Baafata ........ iv
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 2
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 3
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 3
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 4
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 4
1.7. Qindoomina Qorannichaa ........ 4
1.8. Haala Waliigalaa Aanaa Jaarsoo ........ 5
1.8.1. Seenaa Hundeeffama Aanaa Jaarsoofi Moggaasa Magaalaa Gabaa Dafinoo ........ 5
1.8.2. Argamaafi Bal'ina Lafaa ........ 6
1.8.3 Baay'ina Uummataa ........ 6
1.8.4. Haala Qilleensaa ........ 6
1.8.5. Aadaa Nyaataafi Dhugaatii Aanichatti Beekaman ........ 7
1.8.6. Aadaa Fuudhaafi Heeruma Oromoo Aanaa Jaarsoo ........ 7
1.8.7. Dinagdee Aanichaa ........ 8
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE ........ 9
2.1. Yaadrimee Qorannichaa ........ 9
2.1.1. Ogafaan ........ 10
2.1.2 Afwalaloo ........ 10
2.1.3. Weedduu ........ 11
2.1.4. Weedduu Arrabsoo Sirna Fuudhaafi Heerumaa ........ 12
2.1.5. Yoomessa Weedduu Arrabsoo Sirna Fuudhaafi Heeruma ........ 14
2.2. Yaaxxina Caasaa ........ 14
2.3. Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 15

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ........ 17
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 17
3.2. Mala Akkamtaa ........ 17
3.3. Irraawwatamaa ........ 18
3.4. Iddattoofi Iddatteessuu ........ 18
3.4.1. Iddatteessuu Akkayyoo ........ 19
3.4.2. Iddatteessuu Darbaan Dabarsaa (Iyyaaffannoo) ........ 19
3.5 Tooftaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu ........ 19
3.5.1 Marii Garee ........ 19
3.5.2. Daawwannaa ........ 20
3.5.3. Sakattaa Dookimentii ........ 20
3.6. Mala Ragaa Qaaccessuufi Hiikuu ........ 20
BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO QAACCESSUUFI HIIKUU ........ 22
4.1. Weedduu Arrabsoo Jalbultii Qe’ee Warra Gurbaa ........ 22
4.2. Weedduu Arrabsoo Jalbultii Qe’ee Warra Intalaa ........ 35
4.3. Caaseffama Afwalaloo Weedduu Arrabsoo Fuudhaafi Heerumaa ........ 53
4.3.1. Amala Jalqabbii Afwalaloo Weedduu Arrabsoo Fuudhaafi Heerumaa ........ 54
4.3.2. Bo’oowwan Ceesisaa Weedduu Arrabsoo Fuudhaafi Heerumaa ........ 57
BOQONNAA SHAN CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 58
5.1 Cuunfaa ........ 58
5.2. Argannoo ........ 59
5.3. Yaboo ........ 60
Wabiilee ........ 62
Dabalee A
Dabalee .B
Dabalee .C
Dabalee .D
Dabale .E

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Fooklooriin Oromoo eenyummaa Oromoo ibsuuf akka qabeenya guddaatti kan ilaalamudha. Fooklooriin ummata Oromoof aadaa, ilaalcha amantii, safuufi sona Hawaasa Oromoo hunda ittiin ibsachuuf, dhaloota haaraaf ittiin dabarsuuf, muuxannoofi beekumsa walgonfachiisuuf akka meeshaatti kan tajaajiludha. Akkasumas wantoota afaaniin darban muuziqaa, aartii, keessumattuu mammaaksaafi jechamootni yaada miira eenyummaafi hambaa seenaa kan ibsuudha. “The Oromo folklore, oral tradition, music, art, and particularly proverbs and sayings has given this notion a sense of identity and common heritage. It becomes the way they see, understand interpreat the world and express their belief, and values about it” (Dundes 1965; 12).

Fooklooriin duudhaa hawaasaa, walitti dhufeenya garee hawaasaa, guyyaa dhalootaa, sirna raawwii fuudhaafi heerumaafi raawwii sirna hawwaalchaafi kabaja ayyaanota amantii of keessatti qabata. “Social folk custom is a group interaction, observances, birth, rituals initiations, marriage and burial ceremonies, secular and religious festival” (Melakneh, 2008:8)

Dhalli namaa barreeffamaan ofibsuu osoo hinjalqabin dura ogafaan (Oral Literature) ykn fooklooriin (Folklore) ykn fakkiifi bocaan yaada ofiisaa ibsaa ture. Asafaa, (2009:20) Yaada kana irraa kan hubatamu dhalli namaa barnootni ammayyaa osoo hinbaballatin ogafaanitti fayyadamuun aadaafi duudhaa isaa mallattoolee adda addaatti fayyadamuun gochaafi jechaan ofibsaa turuu isaati.Kunis ogafaan hangafa barnoota ammayyaa ta’uu agarsiisa..

Fooklooriin sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jireenyaa, heeraafi seera, ooda, safuufi falaasama dimshaashumatti ilaalcha addunyaa keessa jiruuf qabu, ogafaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsuudha. Dundes (1965:72) Akkasumas Bukenyan (1994:85) akka ibsutti ogafaan haala jireenya hawaasa tokkoo kan murteessuufi kuufama beekumsaa kan hawaasni fuulduratti fuudhee deemuudha. Hawaasni ogafaan isaatiin muuxannoo jiruufi jireenyaa, duudhaa, rakkoo jireenya keessatti isa mudate ittiin ibsata.Kana malees, muuxannoo hawaasni dur keessa darbe isa amma jiruuf malli ittiin qaqqabu ogafaaniin. Ogafaan aadaa uummata tokkootti lubbuu horee umurii dheeraa akka qabaatu taasisa.

Afwalaloon hawaasa barreessuufi dubbisuu hindandeenye ykn danda'uuf walaloodhaan qindaa'ee afaaniin kan darbuudha. (Finnegan, 1976)

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo kana adeemsisuuf ka'umsa kan naata'e qaaccessa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo Wallagga Lixaa Aanaa Jaarsoo irratti kanaan dura qorannoon ija yaaxxinaalee fooklooriin madaalamuu dhabuufi weeddichi akka aanichaatti dagatamaa jiraachuudha.

Hawaasni afaan isaa afaan barnootaa hinta'in afoolatti gargaaramuun seenaa, duudhaafi safuu isaa dhaloota itti aanutti dabarfachuu danda'uu; dhimma geeddaramuu gooroowwan afoolaa immoo afoolli afdubbiin dhaloota irraa gara dhalootaatti waan daddarbuuf jechaanis ta'e, gochaan kan jiru keessaa dagatamuu danda'uu isaati. Kunis ergaa bu'uuraa afoolichaa kan gadi hinlakkisneefi haala ammayyaa waliin kan deemu yoo ta'e rakkoo kan hinqabne ta'uufi kan inni rakkoo qabaachuu malu immoo ergaa bu'uuraa afoolichaafi naannoo hawaasa sanaa kan gadi dhiise yoo ta'edha. Afoolli jireenya ilma namaa keessatti faayidaa guddaa qaba. Hawaasni qubee mataa isaa hinqabne seenaa, duudhaafi safuu isaa afoolaan dhalootaaf dabarsa" jedha Geetachoo, (2008:14). Gama biraatiin, afoola akka aadaafi ibsituu aadaatti kanneen ilaalanis sababa gooroon afoolaa tokko geeddaramaa deemuu danda'u qulqulleessanii dhiyessu. Akka yaada isaaniitti yeroo tokko tokko afoolarratti jijjiiramni bu'uuraa barbaachisaa ta'uu danda'a.Yeroo biraa ammoo, barbaachisaa ta'ee mul'achuu dhiisuu nimala. Kunis, gahee gooroon afoolaa sun hawaasa sanaaf qabuufi jijjiirama waliigalaa hawaasichaafi naannoo hawaasni sun jiraatutti dhufaa jiru waliin walqabata. (Georges and Jones, 1995:320)

Bichakan (1996; 19) akka ibsutti, uummatni Oromoo waantota miira dhageettii isaa tuqan, jechoota qindeessee, bareechee ittiin dhimma bahaa ture.Afoolli Ummata Oromoo hawaasichaaf madda beekumsa isaati. Qorannoon bal'inaan osoo irratti adeemsifamee kuusaa beekumsaa akka ta'e ibsa. Kanaaf qorannoon kun Qaaccessa Weedduu Arrabsoo Sirna Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Wallagga Lixaa Aanaa Jaarsoo, ija yaaxxina caasaa irratti xiyyeeffata. Sababni qorannichi barbaachisuuf kanaan dura mataduree kanarratti qorannoon ija yaaxxinaalee fooklooriin geggeeffame dhibamuufi aanicha keessatti dagatamaa jiraaachuudha.Kanaafis gaaffileen qorannoo dhiyaatan:

- Weedduun arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo gaaleewwaniifi ciroowwan akkamii irraa ijaaramu?
- Qindoominni caasaa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo akkamiin ibsama?
- Dhimmoonni weedduun arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo irratti xiyyeeffatan maal fa'i?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoowwan qorannoo kanaa bakka lamatti qoodamu, Isaanis, kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreedha. Kaayyoo gooroon qorannichaa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo Wallagga Lixaa Aanaa Jaarsoo ija yaaxxina caasaan qaaccessuudha. Kaayyoo gooreen isaa:

- Ijaarsa gaaleewwaniifi ciroowwan weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo agarsiisuu;
- Qindoomina caasaa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo ibsuu;
- Dhimmoota weedduun arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo irratti xiyyeeffatu addeessuu;

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoo hojjetamu tokkorraa bu'aan argamu hedduudha. Afwalaloo Oromoo keessaa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa sabni Oromoo baroota hedduuf kan ittiin jiraataa tureefi beekamu duudhaafi aadaa sabichaa kan bu'uureffate waan ta'eef, weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa funaanuufiqaaccessuun dhaloota boriif olkaa'uun barbaachisaadha. Kunis walitti dhufeenyaafi tokkummaa hawaasa naannoo sanaa cimsuu cinatti madda odeeffannoo ta'uun tajaajila kennuu danda'a. Walumaagalatti bu'aan qorannoo kana irraa eegamu**:**

- Namoota gara fuuladuraatti mataduree kana irratti qorannoo gadi fageenyaan geggeessaniif akka ka'umsaatti gargaaruu danda'a.
- Argannoon qorannichaa mana dubbisa kitaabaa yoo taa'e, dhaloonni haaraan qorannoo kana mana kitaabaa keessaa dubbisuudhaan jechaafi gochaan shaakalanii muuxannoo weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa akka horatan gargaara.

- Argannoon qorannichaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii yoo taa’e, hawaasni dubbisuun beekumsaafi hubannoo duraan qaban akka hindaganneefi dhaloota itti aananitti akka dabarsan taasisa.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoo tokko dhiyeessuuf daangaa bakkaafi haalaa qorannoo keenyaa murteessuu qabna. Qorannoo kana milkeessuuf kallattii yaadaatiinis daangessuun barbaachisaadha. Kanaaf weedduuwwan sirna fuudhaafi heerumaa jiran keessaa xiyyeeffannoon isaa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo ija yaaxxina caasaan qaaccessuu ilaallata. Kunis, weedduu arrabsoo intalli heerumtu qe’ee warra gurbaatti, gurbaan fuudhu immoo qe’ee warra intalaatti arrabsamuudha. Akkasumas, qorannoon kun Godina Wallagga Lixaa Aanaa Jaarsoofi naannoo irratti ta’ee, mata duree qaaccessa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa ija yaaxxina caasaa qofa irratti xiyyeeffate.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa


Qorannoo kana keessatti hanqinoonni tokko tokko kan qorataa mudatan jiru. Inni tokko, ragaalee qorannoof barbaachisan karaa guutuu ta’een argachuu dhabuudha. Haata’u malee qorataan mana dubbisa kitaabaafi gorsaatti deddeebi’uun ragaalee gahaa argachuuf yaalee jira. Inni biraan namoonni odeeffannoo akka kennaniif afeeraman odeeffannoo gahaa kennuu dhabuun tureera. Ta’us qorataan sakattaa dookimentii geggeesseen od-himtoonni odeeffannoo kennan irratti qophii gochuu qaban eeruun odeeffannoo gahaa akka kennan taasise. Kana malees waraabbii irratti rakkoon qulqullina suuraafi sagalee mudatee jira.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorataan kun mata duree qaaccessa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo Wallagga Lixaa Aanaa Jaarsoo ija yaaxxina caasaan jedhu boqonnaalee adda addaatti qooduun dhiyeesse. Isaanis: boqonnaa tokkoffaa keessatti: seenduubee qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa, qindoominaafi haala waliigalaa aanichaatu duraa duubaan dhiyaate.

Boqonnaa lammaffaa keessatti immoo, yaadrimee qorannichaa, yaaxxinaafi sakatta’a barruu walfakkii dhimma mata-duree qorannoo kana ilaallatu, yaadota hayyoota adda addaan deggeramee dhiyaate. Boqonnaa sadaffaa keessatti malleen qorannoo: saxaxa qorannoo, iddattoofi mala iddatteessuu, tooftaa odeeffannoo ittiin funaanamuufi mala qaaccessa raga qorannichaatu dhiyaate. Boqonnaa arfaffaan bakka itti ragaalee bifa garaagaraan funaaname qaacceffameefi itti hiikameedha**.** Boqonnaan shanaffaa keessatti yaada cuunfaa, argannoofi yaboon walduraa duubaan dhiyaateera.

### 1.8. Haala Waliigalaa Aanaa Jaarsoo




Madda: Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jaarsoo

#### 1.8.1. Seenaa Hundeeffama Aanaa Jaarsoofi Moggaasa Magaalaa Gabaa Dafinoo

Aanaan Jaarsoo maqaa Jaarsoo jedhamu kan argachuu dandeesse bara duriidhaa namni Sibuu jedhamu naannoo kana jiraataa yeroo ture, Baabboon erga godhatee dulluma isaa keessa durba fuudhee ilma irraa dhalche. Ilma isaa kanas sababa bara dulluma isaa keessa argateef Jaarso jedhee moggaase. Kanarraa ka’uun naannoo kun nama Jaarso jedhamu irraa maqaa Jaarsoo jedhu argachuu dandeesse. Magaalaan Gabaa Dafinoo magaalaa Aanaa kanaa yoo taatu, ALH tti bara 1940 keessa goota beekamaa Aanaa Jaarsoo yeroo sana ture Obbo Waaccoo Dabalootiin hundeeffamte. Maqaa Gabaa Dafinoo kana kan argattes yeroo sanatti Obbo Waaccoo Sanyoo isaa Aadde Baacoo Taatoo nama jedhamtu irraa ka’uun Gabaa Sanyoo jechuun moggaase. Haaluma

kanaan hanga Minilik impaayera haarawaa hundeessetti maqaa kanaan waamamaa turte. Gabaan kunis, duraan ‘Sanyoo Gabayyaa’yoo jedhamtu guyyaa Dafinoo irra waan ta’eef Gabaa Dafinoo jedhamee waamamuun eegale. Haata’u malee, Sanyoo inni uummatni aanichaa ittiin waamaa turan Dafinoo osoo hin taane Sanyoo yookiin haadha manaa alatti kan dhoksaatti jaallataniidha. Gabaan kunis, kan ittiin waamamaa ture Gabaa kennaa yoo ta’u, innis kan Ganda Gaanqaa Hawwaasii jedhamu keessatti argamudha. Obbo Waaccoonis bakka Gabaa kana kan jijjiireefis, sababa gabaan sanyoo isaarraa fagaateef.Madda: Obbo Eebbaa Biduu jiraata Aanaa Jaarsoo

### 1.8.2. Argamaafi Bal’ina Lafaa

Aanaan Jaarsoo magaalaa guddoo Finfinneerraa kiilo meetira 525 akkasumas, Magaalaa guddoo Godina Wallagga Lixaa Gimbiirraa gara Lixaatti kiilo meetira 103 fagaattee kan argamtuudha. Yeroo ammaa Aanaa Jaarsoo karaa bahaan Aanaa Najjoo, karaa Lixaan Aanaa Baabboo Gaambel, karaa KibbaanAanaa Gullisoofi karaa Kaabaan Aanaa Lataa sibuun kan daangeeffamteedha. Bal’inni lafa aanichaas iskuweer km 491,620 yoo ta’u, olka’insa lafaan meetira 1300-2600meetirakan taateefi teessuma lafaa %85 diriiraa, %10 lafa dachaafi %5 immoo garreen kan ta’eedha. Madda: Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jaarsoo

### 1.8.3 Baay’ina Uummataa

Aanaan Jaarsoo gandoota baadiyyaa 14fi gandoota bulchiinsa magaalaa 2 kan qabduufi baay’ina uummata baadiyyaa dhiira 35,118 dhalaa 29,796 waliigala 64,914fi baay’ina uummata magaalaa dhiira 1923 dhalaa 2111 waliigala 4034 waliigatti baay’ina uummata magaalaafi baadiyyaa aanichaa 68,948 akka ta’an ragaa istaatiksii bara 1999 mul’isutti aanicha keessa jiraatu. Kanneen keessaas, qonnaan bulaan 85%, Daldaltoonni 5% hojjettoonni moottummaa7% kanneen biroon 3% ta’u. Madda: Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jaarsoo

### 1.8.4. Haala Qilleensaa

Haalli qilleensaa aanaa Jaarsoo rooba, aduu, diilalla, buubbee kan qabu, teempireechera 18.25c$^{o}$ kan beekamuudha. Akkasumas, %90 badda daree, %10 immoo gammoojjii dha.Madda: Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jaarsoo

### 1.8.5. Aadaa Nyaataafi Dhugaatii Aanichatti Beekaman

Akkuma uummata biroo uummatni Oromoo aadaa nyaataafi dhugaatii boonsaa niqabu. Aadaan nyaataa uummata kana biratti beekamanis kanneen akka: ancootee, cumboo, cuukkoo, marqaa, qorii, ukkaamsaafi qocqocaa yoo ta'an, dhugaatiin uummaticha biratti beekamu immoo kan akka daadhii, Buqurii, Qariboo, Farsoo, Bulbula dammaafi k.k.f.dha.

Aadaan nyaataafi dhugaatii uummata Oromoo biratti beekaman kanneen keessaa, uummata Oromoo Aanaa Jaarsoo jiraatan keessatti nyaatni aadaa isaan beekamoo ta'an: kochee, ancootee, coocoo, caccabsaa, itittuu, cuukkoo, cumboo, maxinoo, maroo, irra diboo, akaayii yoo ta'an, dhugaatiin aadaa naannoo kanatti heddumminaan beekamaniifi hawaasa aanichaa biratti fudhatama guddaa qaban kan akka farsoo, buqurii, booka (daadhii) fi araqee aadaati.

(Madda: Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jaarsoo)

### 1.8.6. Aadaa Fuudhaafi Heeruma Oromoo Aanaa Jaarsoo

Aanaa kana keessa aadaa fuudhaafi heerumaa torbatu argamu. Isaanis:

I. **Naqata**: Aadaa fuudhaafi heerumaa aanichaa keessaa isa kabajamaafi beekamaadha. Kunis, adeemsa mataa isaa kan warra gurbaafi warra intalaan keessa darbamu qaba. Adeemsa kana keessaa inni jalqabaa ilaallannaadha. Kunis karaa lamaan ta'uu danda'a: kan gurbaan bakka cidhaa, ayyaanaafi mana dhaqee ilaallatuufi kan warri gurbaa gurbaan osoo hin beekin ofuma isaaniitii dhaqanii mana warra intalaatti ilaalaniidha. Bifa lamaaniin erga walii galanii guyyaa beellamaa kaawwachuun jaarsoliin haasaadhaaf deddeebi'uu eegalu. Yoo milkiin tole seera guutee mana dhaqee fuudha .Garuu, yoo milkiin hinlaanneef ta'e, dhiisee kan biraa barbaaddata.

II. **Butii**: Gosa fuudhaafi heeruma naannoo kanaa keessaa tokko ta'ee kan osoo intalli hinjaallatiin gurbaan dirqiin daboo kadhatee fudhatee galuudha. Inni kunis, booda warra intalaatti jaarsolii ergachuun waan gabbaruu qabu gabbaree kan itti araaramuudha. Haa ta'u malee, aadaan fuudhaafi heerumaa kun akka aadaa. Boodatti hafatti ilaalamee hafaa jira.

III. **Aseennaa**: Inni kun immoo kan intalli gurbaa jaallattu hiddii cirattee, hukootti naqattee, ganama barii dhaqxee hiikattee dhangalaasuudhaan utubaa manaa qabatti. Isaan booda

warri gurbaa intala kanaan deemi jechuu hindanda'an. Sababni isaas, akka aadaatti durbi bifa kanaan dhufte deebisuun waan hin danda'amneef, jara lachuu eebbisuun akka isaan abbaa manaafi haadha manaa ta'an godhu.

IV. **Sabbat-Marii**: gurbaan fuudhuuf humna yookiin horii yoo dhabe akkasumas, intalli yoo isa hinjaallanne ta'e, gosa fuudhaafi heerumaa gaggeeffamuudha. Kunis, muka urgeessaa jedhamu cabsatee hiriyoota isaatti kennata. Isaan booda deemanii mana warra intalaa dhaquun maqaa ishee waamu. Yoo isheen hawwaattu itti ililchu. Hanga warri intalaa intala kennaniifitti naannoo sana turanii fudhatanii galu jechuudha.

V. **Dhaala**: Haadha warraa tokkorraa abbaan manaa sababa garaagaraan yoo irraa du'e obboleessi isaa yookiin fira isaa keessaa kan fuudhuudha. Kunis, tokkoffaa ijoolleen isaa akka nama biraan hin hacuucamneef, lammaffaa immoo, qabeenyi inni qabu nama biraaf akka hintaaneef kan raawwatuudha.

VI. **Hirpha:** Kan gurbaan haati manaa jalaa duute akka aadaa Oromootti obbolettii haadha manaa ishee quxisuu fuudhuudha. Inni kunis akkuma dhaalaa ijoolleefi qabeenyaan nama du'ee ormaaf akka hintaane yaadanii kan raawwatuudha.

VII. **Waliigaltee**: Kunis waliigaltee gurbaafi intalaan warri isaanii osoo hinbeekin karaa bakkee kan xumuramuudha. Aadaan fuudhaafi heerumaa gosa kanaa yeroo ammaa baay'inaan aanichaa keessatti gaggeeffamaa kan jiruudha.

(Madda: WaajjiraAadaafi Tuurizimii aanaa Jaarsoo)

### 1.8.7. Dinagdee Aanichaa

Dinagdeen uummata aanichaas irra jireessaan qonnaa irratti kan bu'uureffamee jiru yoo ta'u, omisha midhaan kanneen akka: Boqqolloo, Daagujjaa, Bishingaa, Xaafii, Garbuu, Nuugii, Buna, Baaqelaa, Ataraafi kkf yeroo omishaman, kanneen keessaa: Boqqolloo, Daagujjaafi Bishingaan omisha bal'inaan aanaa kana keessatti omishamuudha. Isaan kanneen keessaa Boqqolloon yeroo lama kan omishamuudha. Innis, Boneefi qee'ee jedhamuun beekama. Boqqolloon Boneen baatii Amajjii keessa facaafamee baatii Waxabajjii keessa asheetni isaa nyaatama. Qee'een immoo, Arfaasaa facaafamee waqtii birraa kan nyaatamuudha. Daagujjaa, Bishingaafi Xaafii Arfaasaa lafa qopheessuun baatii Caamsaa hangaAdoolessaatti facaasuun kunuunsi barbaachisu godhamuun baatii Sadaasaa hanga Amajjiitti kan sassaabamuudha.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE

## 2.1. Yaadrimee Qorannichaa

Fooklooriif yeroo adda addaa hiikni adda addaa kennamaa tureera. Fooklooriin kalaqa aadaa hawaasummaa eenyummaa garee hawaasa waliin jiraatanii waliigala bartee hawaasichaa irratti hundaa'ee kan dubbiin dhalootaa dhalootatti haala adda addaan afaaniin, ogummaan, muuziqaan, sochii qaamaan, taphaan, baacoon, duudhaan, ogummaa harkaafi aartiiwwaan biroon kan ibsamudha (Finnegan, 1992:4)

Fooklooriin gooroowwan gurguddoo afur qaba. Isaanis, afoola (oral literature), meeshaalee aadaa (material culture) duudhaa hawaasaa (folk custom), artii sochiii qaama (performing folk art), jechuudhaan afuritti qoqqooduun qorachuun akka danda'amudha Durson, (1972:2). Kanarraa kan hubatamu jechi fookloorii jedhu waan hammatuun yoo ibsame damee beekumsaa mala saayinsawaa ta'een afoola, meeshaalee aadaa, aartii sochii qaamaafi duudhaa hawaasaa kan qoratamuu danda'u ta'uu isaati. Yaada kanarraa akka hubatamutti afoolli gooroowwaan fookloorii keessaa isa tokkoodha.

Ramailan (2005:14) akka barreessetti fooklooriin karaa ittiin namoonni naannoo tokkoo iccitii uumamaa waaqaafi lafaa ibsatan, haala uumama iddoo jiraatanii ittiin calaqqisiisanidha. Sababni isaas qabiyyeen fookloorii walittidhufeenya namootaafi naannoo isaa gadifageenyaa are usually transmitted person to person" jedha. Akka yaada kanaatti, fooklooriin n ifatti waan namatti agarsiisuufiidha. Akkasumas Dundes (1965:15) akka ibsetti "Most of American folklorist's folklore consists of a number of specific cultural items which aadaalee murtaa'aa ta'an hedduu yeroo hunda nama irraa namatti darban ofkeessatti kan qabuudha. Weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa keessatti warri quxisuun hangafoota irraa yoomessa dhugaa keessatti daawwachuufi caqasuun shaakalanii ofumaan baru.

Fookloorii ilaalchisuun namoonni adda addaa hiika adda addaa akka kennaa turan ibsa. Hiika garaagaraa kennuu namootaa kanaafis sababoota adda addaa kan ta'an keessaa muraasni: namoonni hunduu addunyaa kanaaf ilaalcha garaagaraa qabaachuu isaanii, yaadrimeen isaa rakkisaafi ulfaataa ta'uu isaa, hiikaaleen amma ammaatti kennamaniif adda adda akka ta'e ibsa (Dastaa, 2011:3).

Fooklooriin saayinsii gooroowwan kan akka aadaa, amantii, barsiifata, oduu, mammaaksa, jechamoota, sirbaafi kanneen kana fakkaatan kan addaan baasuudha. Gabaabumatti beekumsa hinqorataminiidha (Finnegan, (1976:50). Fooklooriin hubannoo hawaasa tokkoofi ergaa isaan dabarsuu barbaadan osoo hoomaa hin dhoksin afaaniin ifa baasee agarsiisa.Kana jechuun fooklooriin daawwitii hawaasni tokko ittiin ilaalamu akka ta'e agarsiisa Georges and Jones, (1995:170) Akkasumas Oring (1986:2) Dundes (1965) wabeeffachuun akkas jechuun ibsa: qabiyyeewwan fookloorii durdurii, raagamtaa, sheekkoo, waldhabdee, baacoo, mammaaksa, hibboo, eebba, abaarsaafi kan kana fakkaatan qabata. Akka yaada kanaatti fooklooriin beekumsa kalaqa afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbuudha.

### 2.1.1. Ogafaan

"Ogumni (literature) dameewwan gurguddoo lama qaba.Isaanis, ogbarruufi ogafaani. Uummata kamiifuu afdubbiin (Orality) hangafa. Wantoonni afaaniin dubbatamaa as ga'an kanneen amma gaafa gara barreeffamaatti dhufanitti jijjiirama garaagaraa keessa darbaniiti." Misgaanuu, (2011; 23). Ogafaan hojii kalaqa sammuu ilmaan namaa keessatti mul'atuudha.Uummatni tokko durii kaasee uumama naannoo isaa ogummaa, muuxannoofi beekumsa hawaasa keessa jiru sochii miiraafi sammuu isaatiin hubachuurratti xiyyeeffata. Gadda, gammachuu, rakkoo, badhaadhina, dinqisiifannaa naannoofi hawaasaa kan bifa adda addaatiin ibsudha (Tafari, 1998:157).

Finnegan (1970:12) waa'ee ogafaanii yeroo barreessitu ogafaan dimshaashatti karaa lamaan ilaalamuu kan danda'uu yeroo ta'u, inni tokkoffaan bifa hololoon kan darbuudha. Inni lammaffaan bifa afwalaloofi yeedaloon kan dhiyaatuudha. Yaada kanarraa akka hubatamutti afwalaloon qaama ogafaanii ta'uusaati.

### 2.1.2 Afwalaloo

"Afwalaloon damee garaagaraa qabu.Isaanis jalqaba haala hololoofi seenessuun, inni lammaffaa unkaalee gaggabaaboo kanneen qabaniifi sadaffaan bifa ogwalaloo (afwalaloofi barwalaloo) kan dhiyaatani". Beekam, (2011:25). Afwalaloon akka qorannoof tolutti gooroowwan lamatti qoodama. Isaanis, afwalaloo (Oral poetry)fi seeneffama (narrative oral literature) jedhama. Afwalaloon kanneen dhiyaatan, sirba aadaa, weedduu, geerarsa, faaruu loonii, weedduu ateeteefi uruursa daa'immanii yoo ta'u, kanneen seeneffamaan dhiyaatan immoo oduu durii, mammaaksa,

sheekkoo, eebbaafi abaarsa fa'i. Hiikaafi Alamituu (2011:134). Qorannoon kun garuu gooroowwan ogafaanii keessaa afwalaloon kan dhiyaatu weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa irratti kan adeemsifameedha.

Kaayyoon ogafaanii keessumaayyuu afwalaloon miidhaginaafi bashannanaaf osoo hinta'iin dalagaaf kan ta'uudha Asafaa, (2003: 20). Afwalaloon Oromoo akkuma afoola Oromoo kunneen biroo dhalootarraa dhalootatti kan darbu dubbii afaaniin; yeroo daddarbus kan yeedaloo qabu yeedaloo isaa waliin, kan hinqabnes akkuma jiruttiidha. Keessattuu kan Afoola Oromoo adda godhu afwalaloon isaa kan yeedaloo faana darbuu danda'an kan akka weedduu jaalalaa, cidhaa, sirba ateeteefi kkf yoo ta'u kan yeedaloon isaa ifatti bahee hinmullanne immoo kanneen akka oduu durii, hibboofi mammaaksa fa'i (Misgaanuu, 2011:62).

Afwalaloon yeroo irraa bilisa ta'e immoo dhimma yeroo wajjin kan walqabate osoo hinta'in yeroo kamiyyuu faarfatamuufi weeddifamu kan danda'u. Kana jalatti afwalaloon hedduu beekaman weedduuwwan garaagaraati. Kunis, akka inni baraan hindaangeffamneef daangaa darbee kan deemu ta'uu isaa nu hubachiisa (Finnegan, 1976:19).

Fedhasaa. (2013:49) akka ibsetti "Afwalaloon Oromoo bakka gurguddoo torbatti qoodamuu danda'u. Isaanis, geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebba/abaarsa, guungummiifi tabaalliidha. Hawaasa keessatti maqaalee kanaan beekamanis daangaan hubanno isaanii ka'amee hinjiru".

"Gosoota ogafaan Oromoo keessaa kan afwalalummaa ofkeessaa qaban: geerarsa, weedduu jaalalaa, weedduu seenaa, weedduu siyaasaa, weedduu asmaarii, weedduu cidhaa, weedduuateeteefi weedduu dabooti." Misgaanuu, (2011:59). Yaada armaan oliirraa akka hubannutti weedduun qaama afwalaloo keessaa isa tokkodha.

### 2.1.3. Weedduu

Weedduu gosoota heddutu jiru. Oring (1986:65) akka ibsutti weedduun ammayyaas ta'e kan aadaa qabiyyeefi ergaa isaanii irratti hundaa'uun weedduu jaalalaa, weedduu cidhaa, weedduu loonii, weedduu amantiifi weedduu hojii fa'i. Qorannoon kunis, weedduu yeroo cidhaa dhiyaatu keessaa qaaccessa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa ija yaaxxina caasaa irrati xiyyeeffata.

Gemechu (2003:8-9) yoo ibsu weedduun wantoota aadaa uummata tokkoo calaqqisiisan keessaa isa tokkoodha. Innis, kan safara gabaabaa of keessatti hammatu ta'ee sirba garaa garaa sirbuuf gargaarudha Oring, (1986:153). Weedduun walaloo gabaabaa ykn tuuta jechoota weeddifamanii ijaarsa barreeffama ifaafi gabaabaa ta'een toora tooraan hiramuun, yeedaloo kan of keessatti qabudha.

Kana malees, idileetti yoo ilaalle weedduun yaada adda addaa ibsuuf qooda hedduutiifi cabsata sagaleetiin kan dhiyaatu ta'ee jaalala, komee, arrabsoo, mararoofi kkf kan ibsudha. Uummata seenaan isaa barreeffamaan carraa hinargatin tureef kan akka uummata Oromoof bu'aa weedduun buusu akka salphaatti hinilaalamu. Seenaa jechoota adda addaafi safuu keessatti dhimma itti baanu ofkeessatti qabatee dhalootaa dhalootatti dabarsa. Guddina afaaniif hedduu gumaacha (Wasanee, 1984:25).

### 2.1.4. Weedduu Arrabsoo Sirna Fuudhaafi Heerumaa

Weedduun arrabsoo akkuma ogafaan kan itti fayyadamtoonni ogafaanichaa ittiin walqeeqan, walbarsiisan, walgorsan, doofaa kan ittiin haxxoomsan, jibbamaan kan ittiin qeeqamuufi shaakalli amala gadhee hawaasa keessatti mul'atu ittiin to'atamudha. Bukenya (1994:86) yoo ibsu "Each genere of oral literature has a part to play in thce education of aparticular society. While expressing feelings of people and playing other role the song satirises unacceptable behavior and warns members against misdemeanor"jedha.Weedduun mararoo kan intalli heerumtu haala gaddaafi abdii kutannaatiin sagaalee laafaatti fayyadamuun soddaa ykn kaadhimaa ishee arrabsuun dhaamsa dhaammattudha.

Xiyyeeffannoon weedduu arrabsoo sanas tokko soddaa arrabsuudha. Bifa, hojjaa, gootummaa, qabeenya, sanyiifi kkf ilaalchisuun walaloo cabsaa ykn tuffii ibsu tarreessanii weeddisu jechuudha. Qabiyyeefi qeeyyaan /atmosphere/ arrabsoofi mararoon garuu adda adda.

Weedduu cidhaa keessatti shamarran yemmuu soddaa arrabsan hamilee cimaadhaan jechoota isa aarsu gargaaramanii sagalee dheekkamsaatiin weeddisu (Nagarii 1995:10).

Yaada armaan olii kana irraa kan hubatamu shamarreen heerumtufi hiriyyoonni ishee akkasumas obboleettiin gurbaa fuudhuufi hiriyyoonni ishee afwalaloo weedduuwwan arrabsoo sirna

fuudhaafi heerumaa keessaa weedduuwwan shamarree heerumtuufi firoottan ishee aarsan akkasumas weedduuwwan gurbaa fuudhuufi firoottan isaa aarsan gargaaramanii sagalee cimaadhaan weeddisuu isaaniiti.

Nagarii (1995:6) akka jedhutti arrabsoon durbaa meeshaa muuziqaa kan akka dibbee wajjin qindaa'ee dhiyaata. Walaloon isaas yeroo dhiyaatu humna ittiin garaa namaa raasu qaba. Haalli dalagaasaas ta'e ergaan isa keessa jiru miira namaa kan kakaasu ykn onnee namaa tutuqee garaa namaa raasee yaada gaddaafi hoo'inaa kan namatti fiduudha.Yaada kana irraa akka hubannutti weedduun arrabsoo fuudhaafi heerumaa haala jireenya maatii intalaafi maatiin gurbaa akkasumas firoottan isaanii ittiin ceepha'amaniidha.

Guyyaan cidhaa torban lamatti yoo galu, intalli kennamtu sun hiriyoota durbaa waliin taatee weedduu eegalti. Weedduun kun hanga guyyaa cidhaatti galgala galgala ittuma fufa. Haaluma walfakkaatuun gama gurbaa fuudhuutiinis karaa obboloota ykn hiriyoota isaan durbaa weedduun kun nigeggeeffama. Weedduu kanaanis walumaa galatti weedduu cidhaa yoo ittiin jedhamu innis arrabsoon kan dhiyaatudha. Nagarii (1995:4). Haaluma kanaan raawwii weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Aanaa Jaarsoo keessaa yemmuu ilaalamu duraan hawaasa keessa kan ture ta'ee, yeroo amma garuu dagatamaa jira.

Arrabsoon shamarranii jechoota safuu waan ofkeessaa qabuuf akka waan safuun cabeetti ilaalamuu danda'a. Haa ta'u malee, akka ilaalcha Oromootti safuun kan cabu yoo wanti aadaa irraa maqe dalagameedha. Arrabsoon shamarranii immoo namoota waan yaraa dalagan deebisuuf faayidaa guddaa qaba. Arrabsoon shamarranii ergaa amala badaa to'achuu ofkeessaa qaba. Arrabsoon akka maqaan isaa agarsiisu osoo hintaane beekumsa, gorsaafi safuu hawaasicha biratti fudhatama qabantu keessa jira. Kana jechuun waan sirrii ykn dogoggora ta'e addaan baasee kan mul'isu kuusaa ilaalcha hawaasaa ta'ee tajaajila (Misgaanuu, 2011:56).

Yeroo ashoon dhuftee mana ashilaa seenuuf kaatu dura ishee darbanii karra mana ashilichaa irra dhaabatanii akkas jedhanii arrabsu: "Duwwaan dhufte duwwaa ishee" jechuun arrabsu.Yeroo sanatti ashoo shamarreen yeroo akkanatti arrabsan yaadaan gara seera durbummaa qabaachuu ishee ofxiinxalti, keessa isheeti yoo guutuu taate waanti ishee yaaddessu hinjiru. Garuu, durbummaa ishee nama biraa waliin yoo balleessite akka aadaa naannoo tokko tokkootti baay'ee

kan nama qaanessuufi warri mucaas laphee isaaniin guddaa itti hingammadani. Kana malees, akka aadaa Oromootti weedduun gaa'elaa safuu guddaafi kabaja kan qabuudha (Birhaanuu, 2003:47-48).

Kanamalees, Haayiluu (1997:12) yoo ibsu "Faayidaan arrabsoo durbaa jaarsolii ishee kadhachuu deeman arrabsuu, akkasumas intalli heerumtu quuqqaa garaa ishee kan ittiin baafattu''jedha. Dargagoonni Oromoo akka isaan gaa'ela isaanii dura xuraa'ummaa hinhojjenne aadaatu dura dhaabbatee dhorka. Misgaanuu,(2011:75). Walumaagalatti weedduun arrabsoo gaa'eelaa weeddifamu keessaa tokko ta'ee safuu hawaasaa eeguufi gocha dogoggoraa sirreessuuf tajaajila.

### 2.1.5. Yoomessa Weedduu Arrabsoo Sirna Fuudhaafi Heeruma

Mataduree kana jalatti qabxiileen ka'uu qaban yoomiifi eessatti akka raawwatamudha. Nagarii (1995:4) yaada kana yeroo ibsutti, "Guyyaan cidhaa torban lamatti yoo galu intalli kennamtu sun hiriyoota durbaa waliin taatee weedduu arrabsoo eegalti. Weedduun kun hanga guyyaa cidhaatti galgala galgala ittuma fufa" jedha. Kana malees, weedduun arrabsoo jalbultii cidhaa irraa eegalee hanga guyyaa cidhaatti haala ho'aan cimee mul'ata.Intala, gurbaafi firoota akkasumas miinjee isaa ittiin arrabsu (Abarraa, 1999).

Weedduun kan weeddifamu tokkoffaa yoomessa yeroo cidhaatiin, lammaffaa dhimma adda addaa kan cidhaan ala ta'aniifis kan weeddifamuufis jira. Kana malees, bashannanaaf yeroon itti weeddifamus ni jira. Kanaafuu, weedduun kan cidhaas, kan hojiis, kan gootaas ni jiru Bascom, (1965:279). Haata'u malee xiyyeeffannoon qorannoo kanaa qaaccessa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa isa yeroo gaa'elaa mana warra intalaafi mana warra gurbaatti raawwatuudha.

## 2.2. Yaaxxina Caasaa

Yaaxxina kana wantootni adda addaa walitti dhufeenya uumanii tokkummaa wanta tokkoo akka ijaaran xiinxaluuf qorattootni itti fayyadamu. Kana ilaalchisee Sims and Stephens (2005:179) "Structural analysis should reveal abasic understanding pattern which accounts for all the parts of the whole and how they relate to each other informing the whole."

Qo'annoo afoolaa keessatti xiyyeeffannoo guddaa kan argachuu qabu caasaa afoola sanaati. Afoola tokko duraa duuba isaa eeganii qindeessuun haala yaadrimeefi caashima ilaalamuu akka

qabuudha. Kunis haala safara ogwalaloo garaagaraafi durduriin garaagaraa haala himootaan qindaa'anii ijaaramaniidha (Dundes1965:18)

Afoolli amalli isaa inni bu'uuraa afaanummaadha. Kunis dhalootaa gara dhalootaatti kan daddarbu afaaniini Okopewho (1992.27). Akkasumas amaloota walaloo afoolaa keessaa afaanummaan iddoo guddaa qaba. Sababni isaas miira dhaggeeffattootaa ofitti harkisuuf human cimaa waan qabuufi (Bukenya 1994; 55).

Amala afoolaa keessaa inni tokko jamaa qabaachuudha.Yaada kana ilaalchisuun, Wasanee (2008:155) yoo ibsu (Afoolli yeroo kamiyyuu garee barbaada, namoota walitti qabu qaba.) yaada kanarraa hubachuun akka danda'amutti afoollii gareen waan dalagamuuf jamaa kan qabuudha. Kana malees jalqabaa hamma xumuraatti gareedhaan wal faana weeddifama. (Fineegaan 1970:259).

**2.3. Sakatta'a Barruu Walfakkii**

Kutaa kana keessatti waraqaalee qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qaban yookiin walfakkaatan kan keessatti dhiyaataniidha. Kanaafuu mata duree qorannoo kanaan guutummaan guutuutti kan walfakaatanii hojjetaman hanga ammaatti kan hinargamne ta'uyyuu kan mata duree kanatti dhiyaatan ni argamu**.** Haaluma kanaan qorataan qorannoo kanawaraqaalee qorannoo garaagaraa kanaan dura hojjetaman sakatta'uudhaan waraqaalee qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qaban yookiin walitti dhiyaatan jedhamee yaadame haala itti aanuun ibsee jira.

Waraqaa qorannoo kan mata duree kanaa wajjin walitti dhiyaatu waraqaa qorannoo digirii lammaffaa qaaccessa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa gama ergaa, akaakuufi yoomessaan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo Seefuu Gaaddisaa Egereen hojjeteedha. Walitti dhiyeenyi isaas qaaccessa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa kan jedhu ta'uufi weeddichi hawaasa keessaa kan funaaname ta'uu isaati.

Garaagarummaan isaa qorataa Seefuu Gaaddisaa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa gama ergaa, akaakuufi yoomessaan kan qaaccesse yoo ta'u qorataa Waaqjiraa Lammeessaa immoo weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa ija yaaxxina caasaan kan qaaccesseedha. Inni biraan qorataa Seefuu Gaaddisaa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa haala qabatamaan yoomessa

dhugaa keessatti bakka cidhi fuudhaafi heerumaa geggeeffametti argamuun weeddicha kan waraabbateedha. Qorataa Waaqjiraa Lammeessaa immoo weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Jaarsoo karaa namtolchee (artificial setting) waraabuun ija yaaxxina caasaan kan qaaccesseedha.

Waraqaan qorannoo mata duree kana waliin walfakkaatu inni biraanwaraqaa qorannoo digirii lammaffaa qaaccessa qabiyyeefi unkaa weedduu arrabsoo dubaraa sirna naqatanii fuudhuu Godina Wallagga Lixaa Aanaa Haaruu Maammoo Badhaasaa Wayyeessaan hojjetameedha. Walitti dhiyeenyi isaa qaaccessa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaati.

Garaagarummaan isaa qorataa Maammoo Badhaasaa weedduu arrabsoo dubaraa sirna naqatanii fuudhuu gama qabiyyeefi unkaan kan qaaccesseedha. Qorataa Waaqjiraa Lammeessaa immoo weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa ija yaaxxina caasaan kan qaaccesseedha.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Qorannoo adeemsisuuf mala qorannoon ittiin adeemuu qabu beekuun murteessaadha. Malli kunis haala qabatamaa jiru keessatti irraawwatamaa qorannichaa beekuudha. Akkasumas madda odeeffannoo, iddattoofi iddatteessuu, tooftaa funaansa odeeffannoofi mala qaacceessa ragaa beekuufi fayyadamuudha.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo gaggeessuu keessatti kallattiin raawwii qorannichaa maal akka ta'e ibsamuu qaba. Dhimmoonni qorannicha keessatti akka bu'uuraatti qabamu maal irratti akka xiyyeeffatamuu qaban addaan baasuun beekuun qorannicha haala barbaadameen raawwachuuf gargaara. Akkasumas, ragaan namootarraa argamu haala kamiin akka hiikamu ykn ibsamu beekuun murteessaadha. Kanaaf ragaa namoota irraa argametti jechaan ibsi itti kenname.

Adeemsi saxaxa qorannoo karoora hojii kan qorataan beekuuu qabu, kan akka eessaa akka inni ka'e eessarra akka jiruufi eessa akka inni ga'u kan murteessudha. "The research design is plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from, where they are and where they are going" Victor (2009:203). Yaada kana Addunyaa (2011:64),"Qorannoo tokko kan murteessu, gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaafi akaakuuwwan odeeffannoo argannuuti" jechuun kaa'ee jira. Kanaaf saxaxni mala qorataan, qorannicha ittiin geggeessu, akkaataa filannoo iddattootaa, tooftaalee odeeffannoon ittiin guuramu maal maal akka ta'u hubanna.

## 3.2. Mala Akkamtaa

Malli qaaccessa qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan maaliif ? Akkamitti ? Jedhuuf deebii laachuuf kan carraaquufi dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan kan ibsudha. Amalli namoonni yookiin wantootni yoomessa tokko keessatti agarsiisaniifi qaban maal akka fakkaatan qorachuuf dhimmamaadha Addunyaa, (2011:10-13). Bu'uuruma kanaan qorataan qorannoo kanaa mala qorannoo akkamtaa fayyadamuun odeeffannoo barbaachisaa ta'eefi qabatamaa ta'e funaannaachuun qaaccesse.

Qorannoo geggeessuu keessatti maddi odeeffannoo karaa lama argamu. Isaanis, madda odeeffannoo jalqabaafi madda odeeffannoo lammaffaati. Maddi inni jalqabaa odeeffannoo qaama dhimmi isaa ilaallatu irraa kallattiin funaannachuun kan argamu yoo ta'u, kunis, namoota naannoo weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa irratti beekumsaafi muuxannoo qaban irratti hundaa'uun bifoota marii gareefi daawwannaan odeeffannoo argamudha. Qorannootokko adeemsisuuf ragaa gahaan kanargamu madda ragaa tokkoffaadha. Kanaaf, maddi odeeffannoo hawaasa Aanaa Jaarsoo keessaa namootni kaayyicha galmaan ga'u jedhamanii yaadaman madda odeeffannichaa ta'aniiru. Kana ilaalchisee Addunyaa (2011:18)  madda ragaa tokkoffaa qorataan tokko qaama dhimmi isaa ilaallatu bira dhaquun qorannoo isaa kan geggeessuudha. Odeeffannoo qorannoo sanaaf ta'u fuulaa fuulatti ragaa barbaade argata' jedha.

### 3.3. Irraawwatamaa

Qorannoon geggeeffamu bakkaafi waan irratti geggeeffamu qabaachuu qaba. Kanaaf,qorannoon kun kan geggeeffame hawaasa godina Wallagga Lixaa Aanaa Jaarsoo irrattiidha. Mata dureen qorannich irratti adeemsifames qaaccessa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo Godina Wallagga Lixaa Aanaa Jaarsoo ija yaaxxina caasaan jedhu irrattiidha.

### 3.4. Iddattoofi Iddatteessuu

Iddatteessuun hirmaattota waliigalaa keessaa kanneen bakka bu'uu danda'an murteessuudha. Akkaataa yeroofi baajetaa irratti hundaa'uun baay'ina waliigalaa irraa daangaa iddattoo addaan baafachuun iddattoo bakka bu'u murteessuudha. Haaluma kanaan gandoota kudha ja'a aanicha keessa jiran keessaa ganda sadii filachuun iddattoof namni  kudhan fudhatamee jira. Malli iddattoon kun ittiin filatames mala iddatteessuu miti carraadha. Iddattoo ilaalchisee Addunyaa (2011:65) “Mala iddattoo mata duree qorannichaan walsimu filachuun yeroo, humna ofiifi maallaqa qusachuuf gaariidha” jedha.Iddattoo filachuu ilaalchisee Dastaan (2013:132) Jroclim (2006) wabeeffachuun akka ibsetti iddattoo filachuun adeemsa hawaasa tokko keessaa odeeffannoo argachuudhaaf namoota sana keessaa filachuun odeeffannoo irraa fudhachuun itti dhimma bahuudha. Sababni iddattoon kun filatamuuf irraawwatamtoota hundarraa odeeffannoo sassaabbachuun waan hindanda'amneef tooftaan kun irraawwatamtoota hunda bakka nibu'a jedhamee waan amanameefiidha.

### 3.4.1. Iddatteessuu Akkayyoo

Weedduun arrabsoo fuudhaafi heerumaa hawaasa Oromoo kamiyyuu biratti kan beekamu yoo ta'eyyuu beekumsa, muuxannoofi fedhiin hawaasni weeddichaaf qabu walqixa ta'uu dhiisuu nimala. Kanaaf, Addunyaa (2011:67) Berg (2001) wabeeffachuun mala barbaachisummaa iddatteessuu ilaalchisee yoo ibsu qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u akka kaayyoo qorannichaatti eenyuun otoon filadheen odeeffannoo gahaa naaf kennuu danda'a? jechuun qorannoo isaa galmaan gahuuf iddattoon kun filatama jechuun barreessee jira. Haaluma kanaan qorataan iddatteessuu akkayyoo fayyadamee jira.

### 3.4.2. Iddatteessuu Darbaan Dabarsaa (Iyyaaffannoo)

Darbaan dabarsaan dhimma tokkorratti nama beeknu irraa ka'uun nama kan biraa dhimmicha gadi fageenyaan beeku iyyaaffachuun bira ga'uun odeeffannoon irraa fudhatamudha. Sababan kana filadheefis namoota AanaaJaarsoo keessa jiraatanii weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaarratti kan raawwataa jiran hunda isaanii waanan hinbeekneefi. Kunis, odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu akka dhokatee hinhafne nagargaare. "With snowballing, the sample emerges through a process of reference from one person to the next" (Denscobe, 2007:17). Iddattoon iyyaafannoo adeemsa keessa duukaa bu'uun kan nama tokko irraa gara itti aanutti eeruudha.

## 3.5 Tooftaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu

Milkaa'ina qorannoo tokkoof qorataan mala odeeffannoo ittiin guuramu addaan baasee beekuun barbaachisaadha. Kanaaf malli qorataan kun odeeffannoo ittiin guurrate marii garee, daawwannaafi sakattaa dookimentii fayyadamuun odeeffannoo funaannate.

### 3.5.1 Marii Garee

Yeroo ammaa sababa adda addaan weedduu arrabso fuudhaafi heerumaa argachuun baay'ee rakkisaadha. Kanaafuu, waltajjii marii garee mataa ofii qopheessuun odeeffannoo fudhachuun barbaachisadha.Marii garee ilaalchisee (Neuman 2007:88) akka ibsutti isa namni tokko beekuu, inni biraan hinbeeku, isa tokko dagatu inni biroon itti dabaluu nidanda'a. Kanaafuu, odeeffannoo

gahaafi amansiisaa ta'e argachuuf iddattoo filatamaniif kallattiifi adeemsa qorannichaa ibsuufiin mala kanaan qorataan kun odeeffannoo kennamu dhaggeeffachuun yaadannoo qabate.

Dastaan (2002:9) waa'ee marii garee yemmuu ibsu "Dhimma murta'aa ta'e tokko irratti kan qorataan hirmaattota mariisisuun argatuudha''. Kanaaf namoota muuxannoofi beekumsa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa irratti qaban garee lama kan namoota ja'aafi afur qabuuf gaaffannoo dhiyeessuun odeeffannoo fudhate.

### 3.5.2. Daawwannaa

Daawwannaan tooftaa odeeffannoo funaanuuf fayyadu keessaa isa tokko yoo ta'u, tooftaa kanaan bakka qorannichaatti argamuun qabatamaan waan dalagamu irraa odeeffannoo walitti qabuudha. Tooftaan kun dhimma qorannoo kanaan waliin deemu ykn qorannoo kanaan walitti dhufeenya kan qabu waan barbaadame kana itti guutamu dursee qopheessuun ykn yaadannoo battalaa fudhachuun kallattiin ilaaluudha. Kaayyoon daawwannaa kanaa deebii marii garee mirkaneessuudha. Wanti namni hojjetuufi wanti namni dubbatu irraa adda ta'uu nimala. Daawwannaan immoo fudhatamaafi amansiisummaa qorannichaa dabaluu ni danda'a. Kanaaf, qorataan od-himtoota marii gareef qopha'aniif hubannoo uumuun ennaa weedduu arrabsoo shaakalan weeddisan daawwachuun ragaa barbaadame suuraafi sagaleen fudhate.

### 3.5.3. Sakattaa Dookimentii

Sakattaan dookimentii tooftaa odeeffannoo funaanuuf fayyadu keessaa isa tokko yoo ta'u, qorataan dookimentii odeeffannoon isaa mata duree kana waliin deemu yookiin walitti dhufeenya qabu barruu "Aadaa Sirna Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Wallaggaa" (kan hinmaxxanfamne) sakatta'uun ragaa funaannate.

## 3.6. Mala Ragaa Qaaccessuufi Hiikuu

Qorannoon kun odeeffannoo marii garee, daawwannaafi sakattaa dookimentiin funaaname duraa duuba isaa eeguun mala qorannoo akkamtaan qaacceffame. Dastaan (2002:10) odeeffannoo ykn ragaalee qorannoon akkamtaa qorattoonni haaluma isaanii mijateen kan deeman akka ta'e muli'sa. Kanamalees, Addunyaan (2011:62-63) qaaccessa ragaa yoo ibsu malli ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta'eefi maaltu akka ta'aa jiru addaan baasuudhaan

jijjiiramoota akkuma isaan yoomessa uumamaa keessatti argamanitti kan ibsudha. Mala odeeffannoon itti hiikamu keessaa mala akkamtaan fayyadame. Innis tartiiba armaan gadii hordofuun qaacceffame.

- Yaadolee gaaffilee bu’uuraa adda baasuu
- Odeeffannoo walitti dhufeenya qabaniifi hin qabne adda baafachuu
- Yaadolee walsiman walitti fiduun yaada cuunfuu goolaba irra gahuu

# BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO QAACCESSUUFI HIIKUU

Boqonnaan kun odeeffannoo gaaffilee bu'uuraa boqonnaa tokko keessatti ka'aniif deebiiwwan karaa marii garee, daawwannaafi sakattaa dookimentiin argaman kan itti qaacceffamanii dhiyaataniidha.

## 4.1. Weedduu Arrabsoo Jalbultii Qe'ee Warra Gurbaa

Weedduun arrabsoo jalbultii qe'ee warra gurbaatti weeddifamu obboleettii isaatu galgala galgala dubara hiriyyaa ishee waliin ta'uun intala gurbaan fuudhu: dhimma saalaa wajjin walqabatee durbummaa dhabuu, sagaagalummaa, sanyiifi amala isheen qabdu irratti xiyyeeffachuun weedduu arrabsoo jalbultii keessatti quuqqaafi tuffii walii qaban achi keessatti ibsatu. Akkasumas haala jireenya intala heerumtuu, obbolaa ishee, warra isheefi, firoottan ishee dabaree dabareen qabeenyaafi jireenya hawaasummaa isaanii wajjin walqabsiisanii arrabsu.

Yaada kana deggeruun boqonnaa lama sakattaa barruu keessatti akka ibsame guyyaan cidhaa torban lamatti yoogalu, intalli kennamtu sun hiriyyoota dubaraa waliin taatee weedduu eegalti.Weedduun kun hanga guyyaa cidhaatti galgala galgala ittuma fufa. Haaluma walfakkaatuun gama gurbaa fuudhuutiinis karaa obboleettii isaa yookiin karaa hiriyyoota ishee durbaa weedduun kun nigeggeeffama. Weedduu kanas weedduu cidhaa yoo ittiin jedhamu innis arrabsoon kan dhiyaatuudha (Nagarii 1995:4).

- **Intalli heerumaaf jarjaruu ilaalchisee**:

Hurree hurrummittii

Sayyuu gursummittii

Gundoo ati hodhattee

Tirmaa ati abdattee meerree.

1. Afuufe jettee ----------- hurree hurrimmittii
2. Boobee shan daaktee
3. Nafuudhi jettee
4. Boosse shan dhaamtee
5. Obboon hinfuudhuu
6. Fardasaa ergaa

7. Fardi obboo kunoo
8. Eegeen migiraa
9. Eeggadhu intaloo
10. Ejjee sidiraa. (Xibabuu Haayiluu 01/06/2011)

Buufata 1. irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate ijaarsi isaa bo'oo [1], [2], [3], [4], [8]fi [9] ciroo hirkataa gaggabaabaa tokko tokko irraa ijaarame. Innis: Afuufe jettee, Boobee shan daaktee, Nafuudhi jettee, Boossee shan dhaamtee, Eegeen migiraa, Eeggadhu intaloo kan jedhu yoota'u bo'oo [5], [6], [7]fi [10] immoo ciroo ofdanda'aa tokko tokko irraa ijaarame. Innis: Obboon hinfuudhuu, Farda isaa ergaa, Fardi obboo kunoo. Ejjee sidiraa kan jedhuudha.Gama sagalee xumura jecha bo'oowwaniinis bo'oowwan martinuu sagalee walfakkaataa qabu. Akka waliigalaatti bo'oowwan martinuu ciroowwan gaggabaaboo yeroo dubbannaa walfakkaataa qabaachuufi xumura bo'oo irrattis sagalee walfakkaataa qabaachuun walaloon weeddduu kun salphaatti weeddifamuufi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan walaloo weedduu kanaa tokkoo tokkoo bo'oowwanii keessa jiran duraa duubaan walibsaa deemu. Isaanis bo'oo [1] hanga [4] kan jiran afuufe jettee, boobee shan daaktee, nafuudhi jettee, boossee shan dhaamtee kan jedhu sagalee –ee n xumuramu. Akkasumas bo'oo [1] hanga [10] kan jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'anii jiru.

Weedduun buufata 1 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaa fuudhu yaadaan ol-guddisuun akka waan inni fedha hinqabneefi intalli immoo isatti heerumuuf jarjartii qabduutti qeequun weeddifama. kanas kan ibsu bo'oo [2] irratti, nafuudhi jettee boossee shan dhaamtee walaloo jedhuudha.

- **Safuu waliin walqabatee**

**11**. Yaa ulee maraa reejjii--------.Yaa ulee maraa reejjii
12. Intalloo maraatteettii
13. Kuunnoo mataa arreeddii
14. Qabaa geessaa biyya abbaasheettii. (Xibabuu Haayiluu, 01/06/2011)

Buufata 2. Irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate ijaarsi isaa bo'oo [11] ciroo hirkataa tokko irraa ijaarame. Innis, yaa ulee maraa reejjii kan jedhu. Bo'oo [12], [13]fi [14]ffaan ciroo of danda'aa tokko tokko irraa ijaaramani.Innis ,intalloo maraatteetti, kuunnoo mataa arreeddi, qabaa geessaa biyya abbaasheetti kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan walaloo weedduu kanaa tokkoo tokkoo bo'oowwanii keessa jiran duraa duubaan walibsaa deemu.Yeroon dubbannaaf nufudhatus walqixa.Akkasumas sagaleen xumura bo'oowwanii walfakkaatoodha. Innis, sagalee-ii dha. Kunis walalichi salphaatti akka weeddifamu taasise.

Weedduun buufata 2 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu akka waan intalli safuu hinbeekneetti intala heerumtuu qeequuf weeddisu.Kanas kan ibsu walaloo weedduu intalloo maraatteetti, kuunnoo mataa deemti jedhuudha

- **Gabaabina dabbasaa mataafi halalummaa ilaalchisee**

**15.** Mataa kee dhooftaa mataa kee hidhuu-------yaa ulee maraa reejjii

16. Jedhee hindhaamnee yaa qiciicittii

17. Maqaa koo dhooftaa maqaa kee hindha'uu

18. Jedhee hindhaamnee yaa miriixittii. (Abarrash Tarfaa, 05/07/2011).

Buufata 3 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate ijaarsi isaa bo'oo [15]fi [17]n ciroo ofdanda'aa gaggabaabaa lama lama irraa ijaarame. Innis Mataa kee dhooftaa mataa kee hidhuu, Maqaa koo dhooftaa maqaa kee hindha'uu yoo ta'u bo'oo [16]fi [18]n immoo ciroo hirkataa gaggabaabaa lama lama irraa ijaarame. Innis, Jedhee hindhaamnee yaa qiciicittii, Jedhee hindhaamnee yaa miriixittii kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan bo'oowwan arfanuu keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'anii jiru. Bo'oowwan arfanuu dubbannaaf yeroo walqixa qabu. Xumura sagaleenis bo'oo [15]fi [17] sagalee-uu akkasumas bo'oo [16]fi [18] sagalee-ii xumurame.

Weedduun buufata 3 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gabaabina dabbasaa mataafi sabirii qabaachuu dhabuu intala heerumtuu qeequudha.Innis walaloo weedduu mataa kee hidhuu yaa qiciicittii, Maqaa koo dhooftaa, Jedhee hindhaamnee yaa miriixittii kan jedhuudha**.**

- **Furdina qaamaa ilaalchisee**

Ashaare yaa hadaa gumee’oo
Soddeen walharee dhume’oo
**19**. Kan gama deemuu hoobomoo cooraa------ Ashaare yaa hadaa gumee’oo

20. Kan garaa keetii ulfa moo coomaa

21.Yoo ulfaa da’ii yoo coomaa daya’ii (Abarrash Tarfaa, 05/07/2011).

Buufata 4 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo’oowwan sadanuu jechoota walqixa irraa ijaarame. Innis, Kan gama deemuu hoobomoo cooraa, Kan garaa keetii ulfa moo coomaa, Yoo ulfaa da’ii yoo coomaa daya’ii kan jedhu yoota’u bo’oo [19]fi [20] bifa hima gaaffiin kan dhiyaateefi bo’oo [21] immoo, bifa deebiin kan dhiyaateedha.

Qindoominni caasaa isaa himoonni bo’oowwan sadanuu keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda’aniin duraa duubaan qindaa’anii jiru. Akkasumas, sagalee xumura jechaan hoobomoo cooraa, ulfamoo coomaa  kan jedhu sagalee [aa] yoo ulfaa da’ii yoo coomaa dayya’ii kan jedhu sagalee [ii]  xumurama. Kun immoo walaloon weedduu kun qindoomina qabaachuun weedduuf akka tolu taasise.

Weedduun buufata 4 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu furdina qaamaa intala heerumtuu qeequuf jecha bo’oo [2] irratti kan garaa keetii ulfamoo coomaa kan jedhu walbira qabuun weeddisu.

**22.** Yaa hiddii maraa daashuree

23. Intalloo karaatti deessee

24. Haadha moo mucaa baaturee (Xajjituu Biraanuu, 05/07/2011).

Buufata 5 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo’oo [22] ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis,Yaa hiddii maraa daashuree kan jedhu yoota’u, bo’oo [23]fi [24]n immoo ciroo ofdanda’aa intalloo karaatti deesse, haadha moo mucaa baaturee kan jedhuudha. Ciroowwan lameenuu walitti hidhamiinsa qabu.

Qindoominni caasaa isaa bo’oowwan sadanuu ciroo gaggabaaboo, sagalee xumura jechaanis sagalee-een walfakkaatoofi dhaamsa dabarsuufis duraa duubaan qinda’anii jiru.

Weedduun buufata 5 jalatti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu shakkii intalli heerumtu ulfa garaa qabaachuu ittiin qeequuf weeddifama.

- **Durbummaa qabaachuufi dhabuu ilaalchisee**

Hurree hurrummittii

Sayyuu gursummittii

Gundoo ati hodhattee

Tirmaa ati abdattee meerree

**25.** Yoo fiddee dhuftee----Hurree hurrummittii

26. Araddaan keetii

27. Kan dugda hoomii

28. Obboon hirmaataa

29. Yoo dhiiftee dhuftee

30. Alangaan keetii

31. Kan dugda roobii

32. Soottoon irbaataa

33. Eessayyuu hindeemtuu

34. Biyyoon sinyaataa (Abarrash Tarfaa, 05/07/2011)

Buufata 6 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oowwan kurnanuu ciroowwan gaggabaaboo irraa ijaarame.Bo'oo [25], [27], [29]fi [31] ciroo hirkataadha.Innis, Yoo fiddee dhuftee, Kan dugda hoomii, Yoo dhiiftee dhuftee, Kan dugda roobii kan jedhu. Bo'oo [26], [28], [30], [32] [33]fi [34] immoo ciroo ofdanda'aa irraa ijaaramani. Innis, Araddaan keetii. Obboon hirmaataa. Alangaan keetii. Soottoon irbaata. Eessayyuu hindeemtuu. Biyyoon sinyaata, kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa bo'oowwan kurnanuu ciroowwan gaggabaaboo yeroo dubbannaa walqixaa qaba. Dheerina sagalee xumura bo'oowwaniinis walfakkaatu. Akkasumas akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'aniin duraa duubaan qinda'anii jiru.

Weedduun buufata 6 jalatti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu intalli heerumtu durbummaa kan qabdu yoo ta'e qabeenyaan gurbaa fuudhuu akka kan ishee ta'etti ibsu. Innis,yoo fiddee dhufte,araddaan keetii,kan dugda hoomii kan jedhu yoota'u,intalli heerumtu durbummaa kan hin qabne yoo ta'e immoo gurbaan ishee fuudhu kan ishee reebu ta'uu ibsu.Innis yoo dhiiftee dhufte,alangaan keetii,kan dugda roobii jechuun weedduun ibsu.

Hurree hurrummittii

Sayyuu gursummittii

Gundoo ati hodhattee

Tirmaa ati abdattee meerree

**35**. Coqorsa daarii --------- Hurree hurrummittii

36. Aramtee hinbaaftuu

37. Soqxee hindandeessuu

38. Obboon axaarii

39. Maltee hinbaatuu

40. Sobdee hindandeessuu**.** (Abarrash Tarfaa, 05/07/2011)

Buufata 7 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oowwan ja'anuu jechoota walqixaa irraa ijaarame.Akkasumas bo'oo[35]fi [38]n gaalee maqaa coqorsa daarii,obboon axaarii kan jedhuufi bo'oo [36], [37], [39]fi [40]n gaalee xumuraa aramtee hin baaftu, soqxee hindandeessu, maltee hinbaatu,sobdee hindandeessu jedhurraa ijaarame.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan hundinuu akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'aniin duraa duubaan qinda'aniiru.Sagaleen xumura gaaleewwaniis dheerinaan walfakkaatoodha.Innis, weedduuf akka tolu taasise.

Weedduun buufata 7 jalatti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu intalli heerumtu durbummaa kan hin qabne yootaate gurbaa fuudhuufi haadha isaa gowwoomsuu kan hin dandeenye ta'uu ittiin qeequuf weeddifama.

Hurree hurrummittii

Sayyuu gursummittii

Gundoo ati hodhattee

Tirmaa ati abdattee meerree

**41.** Mukarra deemii------- Hurree hurrummittii

42. Mixii funaanii

43. Mukarraa dhabdee

44. Lafarraa hindhabduu

45. Durbarra deemii

46. Liqii funaanii

47. Durbarraa dhabdee

48. Garbarraa hindhabduu

49. Kan garbi keessee

50. Ati eessa keessee (Abarrash Tarfaa, 05/07/2011)

Buufata 8 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [41] hanga [50] ciroo ofdanda'aa gaggabaaboo irraa ijaarame.Innis, Mukarraa deemi. Mixii funaani. Mukarraa dhabde. Lafarraa hindhabdu. Durbarra deemi. Liqii funaani. Durbarraa dhabde. Garbarraa hindhabdu. Kan garbi keesse. Ati eessa keesse. kan jedhu irraa ijaaramani.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan hundinuu akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'aniin duraa duubaan qinda'aniiru.Ciroowwan kunneenis gaggabaaboofi xumura bo'oowwanii irrattis Sagalee walfakkaatoo qabu..Innis, salphaatti weeddifamuuf akka tolu taasise.

Weedduun buufata 8 jalatti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu intalli heerumtu durbummaa hinqabdu yoota'e, dubarri mana namaa keessa hojjettu yookiin garbi durbummaa ishee kan eeggattu ta'uu ibsuun durbummaa dhabuu ishee qeequuf weeddifama.

Hurree hurrummittii

Sayyuu gursummittii

Gundoo ati hodhattee

Tirmaa ati abdattee meerree

**51.**Yoo fiddee dhuftee------ Hurree hurrummittii

52. Hortuun siinjedhaa

53. Araddaan keetii

54. Kan dugda hoomii

55. Yoo dhiiftee dhuftee

56. Ontuun siin jedhaa

57. Ontuu gaaguraa

58. Alangaan keetii

59. Kan dugda roobii (Shuumee Dheeressaa, 01/06/2011)

Buufata 9 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [51], [54], [55], [57]fi [59]n ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis Yoo fiddee dhuftee, Kan dugda hoomii, Yoo dhiiftee dhuftee,

Ontuu gaaguraa, kan dugda roobii kan jedhu yoota’u,bo’oo [52],[53], [56]fi [58]n ciroo ofdanda’aa irraa ijaarame. Innis Hortuun siin jedha. Araddaan keeti. Ontuun siin jedha. Alangaan keeti kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan hundinuu akkaataa dhaamsa dabarsuu danda’aniin duraa duubaan qinda’aniiru. Ciroowwan kunneenis gaggabaaboofi xumura bo’oowwanii irrattis Sagalee walfakkaatoo qabu. Innis, salphaatti weeddifamuuf akka tolu taasisee jira.

Weedduun buufata 9 jalatti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu intalli heerumtu durbummaa kan qabdu yoo ta’e maqaa yookiin kabaja gaarii maatii gurbaafi hollaatti qabaachuufi kan durbummaa hinqabne yoo ta’e immoo maqaa gaarii yookiin kabaja dhabuu ishee qeequun weeddisu.

Hurree hurrummittii

Sayyuu gursummittii

Gundoo ati hodhattee

Tirmaa ati abdattee meerree

**60.** Obboon dhidheessaa ------Hurree hurrummittii

61. Qabee sigeessaa

62. Fardallee mitii

63. Harreerra teessaa

64. Miilla salphattaa

65. Farda gubbaattii

66. Dhiiftee dhufteeree

67. Qe’ee durbaattii (Shuumee Dheeressaa, 01/06/2011)

Buufata 10 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo’oo [60], [62], [65]fi [67]n ciroo hirkataa irraa ijaarame.Innis,Obboon dhidheessa, Fardallee mitii, Fardaa gubbaatti, Qe’ee durbaatti, kan jedhu yoota’u bo’oo [61], [63], [64]fi [66]n ciroo ofdanda’aa irraa ijaarame. Innis, Qabee sigeessa, Harreerra teessa, Miilla salphatta, Dhiiftee dhufteeree kan jedhu irraa ijaarame.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan hundinuu akkaataa dhaamsa dabarsuu danda’aniin duraa duubaan qinda’aniiru. Ciroowwan kunneenis gaggabaaboofi xumura bo’oowwanii irrattis Sagalee walfakkaatoo qabu. Innis, salphaatti weeddifamuuf akka tolu taasise.

Weedduun buufata 10 jalatti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu intalli heerumtu durbummaa ishee gattee kan dhufte yoota'e, gurbaan fuudhe harreerra teessisee mana warraatti geessa. Kanaaf jecha obboleettiin gurbaafi hiriyyoonni ishee ofii durbummaan jiraachuu isaanii ibsachaa ishee ittiin qeequuf weeddifama.

Yaa ulee maraa reejjii

Intalloo maraatteettii

Kuunnoo mataa arreeddii

Qabaa geessaa biyya abbaaisheettii

**68.** Yaa gundoo golboo------ Yaa ulee maraa reejjii

69. Yaa qadaadashee

70. Sarareen hodhee

71. Anoo hinsararree

72. Mutaatu sararee

73. Yaa guddoo orfaa

74. Akka haadhashee

75. Anoo hinagarree

76. Obbootu argee (Abarrash Tarfaa, 05/07/2011)

Buufata 11.irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [68], [69], [73]fi [74]n ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis, Yaa gundoo golboo, Yaa qadaadashee, Yaa guddoo orfaa, Akka haadhashee kan jedhu yoo ta'u, bo'oo [70], [71], [72], [75]fi [76]n ciroo of danda'aa irraa ijaarame. Innis, Sarareen hodhee, Anoo hinsararree, Mutaatu sararee, Anoo hinagarree, Obbootu argee, kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan hundinuu akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'aniin duraa duubaan qinda'aniiru. Ciroowwan kunneenis gaggabaaboofi xumura bo'oowwanii irrattis Sagalee dheeraa walfakkaatoo qabu. Innis, salphaatti akka weeddifamu taasise.

Weedduun buufata 11 jalatti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu intalli heerumtu durbummaa yoo dhabde osoo gaa'ela hinqabatin akkuma haadha ishee dubartii turuu ishee ittiin qeequuf weeddifama

Hurree hurrummittii

Sayyuu gursummittii

Gundoo ati hodhattee

Tirmaa ati abdattee meerree

**77.** Mana abbaa kootii ------ Hurree hurrummittii

78. Bililleen torbaa

79. Waancaan saddetii

80. Mana abbaa keetii

81. Billiqeen torbaa

82. Haadhaan saddetii (Birriituu Teessoo, 01/06/2011)

Buufata 12 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo’oo [77]fi [80]n ciroo hirkataa irraa ijaarame.Innis, Mana abbaa kootii, Mana abbaa keetii kan jedhu yoo ta’u,bo’oo [78], [79], [81]fi [82]n immoo ciroo ofdanda’aa irraa ijaarame. Innis, Bililleen torba, Waancaan saddeti, Billiqeen torba, Haadhaan saddetii kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan hundinuu akkaataa dhaamsa dabarsuu danda’aniin duraa duubaanqinda’aniiru. Ciroowwan kunneenis gaggabaaboofi xumura bo’oowwanii irrattis Sagalee dheeraa walfakkaatoo qabu. Innis, salphaatti akka weeddifamu taasise.

Weedduun buufata 12 jalatti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu halalummaa qabaachuu intala heerumtuufi haadha ishee qeequuf jecha manaafi qabeenya abbaa ishee kan abbaa intalaa bira qabuun weeddifti.

Yaa ulee jijiisaa buqqee

Intalloo diddirmaa dhuftee

karra hankaassaa qabaa ilaalaa

**83.** Ani durba beekaa-----------yaa ulee jijiisaa buqqee

84. Durba akka kootii

85. Ijatu goraadhaa

86. Harmatu gobaadhaa

87. Ani nadheen beekaa

88. Nadheen akka ishee

89. Irreeshee ilaallaan

90. Qaqalloo meexxii

91. Sooyyee bareedduu

92. Jala ishee ilaallaan

93. Qalqalloo reettii

94. Moonyeetu aseenaa (Abarrash Tarfaa, 05/07/2011)

Buufata 13 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [83], [85], [86], [87]fi [94]n ciroo ofdanda'aa irraa ijaarame. Innis, Ani durba beekaa, Ijatu goraadha, Harmatu gobaadha, Ani nadheen beeka, Moonyeetu aseenaa kan jedhu yoo ta'u bo'oo [84], [88], [89], [90], [91], [92]fi [93]n ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis, Durba akka kootii, Nadheen akka ishee, Irree ishee ilaallaan, Qaqalloo meexxii, Sooyyee bareedduu, jala ishee ilaallaan, Qalqalloo reettii kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan hundinuu akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'aniin duraa duubaan qinda'aniiru. Ciroowwan kunneenis gaggabaaboofi xumura bo'oowwanii irrattis Sagalee dheeraa walfakkaatoo qabu. Innis, salphaatti akka weeddifamu taasise.

Weedduun buufata 13 jalatti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu yeroo intalli heerumtu dhuftee mana gurbaa olseenuuf jettu balbala irratti akka intalli durba hintaanetti qeequun weeddifama.

Balbalee balbala hindaaqqoo hudduu reejjii

Hin kennu balbala abbaakoo hudduu keetti.

95. Uraan gindii lamaa--- Balbalee balbala hindaaqqoo

96. Uramtittii kanaaf

97. Jirbii fiddan malee

98. Birrii fiddan malee

99. Hinkennu balbala abbaakoo (Xajjituu Biraanuu, 05/07/2011)

Buufata 14 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate Bo'oo [95] fi [99]n ciroo ofdanda'aadha. Innis, Uraan gindii lama kan jedhuufi hinkennu balbala abbaakoo kan jedhu yoo ta'u, bo'oo [96], [97]fi [98]n immoo ciroo hirkataadha. Innis, Uramtittii kanaaf, Jirbii fiddan malee, Birrii fiddan malee kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan hundinuu akkaataa dhaamsa dabarsuu danda’aniin duraa duubaan qinda’aniiru. Ciroowwan kunneenis gaggabaaboofi xumura bo’oowwanii irrattis Sagalee walfakkaatoo qabu. Innis, salphaatti akka weeddifamu taasise.

Weedduun buufata 14 jalatti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu intalli heerumtu durbummaa akka hinqabnetti qeequun gatii balbalaa intalarraa fudhachuuf weeddifama.

- **Intalli durbummaa dhabuu isheetiif gadduu ilaalchisee:**

Maal maal jettee boossi isheenoo

**100.** Irraan gadee kufeen irraanfadhee dhufee------jettee boossi isheenoo

101. Miinzolii naafwaamaa harmee koottin dhaamaa

102. Lafa maasii hoffaa yoona taa’ee kolfaa

103. Madabiirran kaa’ee barariitu arraabee

104. Lafa maasii garbuu ani barbaadee hinarguu (Xibabuu Haayiluu, 01/06/2011)

Buufata 15 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo’oo [100], [101]fi [103]n ciroo ofdanda’aa lama lama irraa ijaarame.Innis, Irraan gadee kufeen irraanfadhee dhufee, Miinzolii naafwaamaa harmee koottin dhaamaa, Madabiirran kaa’ee barariitu arraabee kan jedhu yoo ta’u bo’oo [102]fi [104]n immoo ciroo hirkataa tokko tokkoofi ciroo ofdanda’aa tokko tokko irraa ijaarame.Innis, Lafa maasii hoffaa yoona taa’ee kolfaa, Lafa maasii garbuu ani barbaadee hinarguu kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan hundinuu akkaataa dhaamsa dabarsuu danda’aniin duraa duubaan qinda’aniiru. Ciroowwan kunneenis gaggabaaboofi xumura bo’oowwanii irrattis Sagalee dheeraa walfakkaatoo qabu. Innis, salphaatti akka weeddifamu taasise.

Weedduun buufata 15 jalatti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu akka intalli heerumtu durbummaa ishee gatuun gaabbitee bo’aa jirtuutti intala qeequun weeddifama

**Maal maal jettee boossi isheenoo**

**105.** Hanqaaquutu xaaxa’ee akaakuu naata’ee----- jettee boossi isheenoo

106. Haati koos akkasii akkoon koos akkasii

107. Gubbaa dirree dhaapheen gurbaa tikseef laadhee

108. Gubbaa keelloo dhaapheen gurbaa qeerroof laadhee

109. Gubbaa tuufoo dhaapheen gurbaa suubboof laadhee (Xibabuu Haayiluu, 01/06/2011

Buufata 16 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [105]fi [106]n ciroo ofdanda'aa lama lama irraa ijaarame. Innis, Hanqaaquutu xaaxa'ee akaakuu naata'ee, Haati koos akkasii akkoon koos akkasii kan jedhu yoota'u, bo'oo [107], [108]fi [109]n ciroo hirkataa tokko tokkoofi ciroo ofdanda'aa tokko tokko irraa ijaarame. Innis, Gubbaa dirree dhaapheen gurbaa tikseef laadhee, Gubbaa keelloo dhaapheen gurbaa qeerroof laadhee, Gubbaa tuufoo dhaapheen gurbaa suubboof laadhee kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan hundinuu akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'aniin duraa duubaanqinda'aniiru.Ciroowwan kunneenis gaggabaaboofi xumura bo'oowwanii irrattis Sagalee dheeraa walfakkaatoo qabu.Innis, salphaatti akka weeddifamu taasise.

Weedduun buufata 16 jalatti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu akka intalli heerumtu halalummaan akaakuu ta'eefiitti bakka isheen itti durbummaa ishee gatteefi nama isheen laatteef fakkeessuun ittiin intala qeequun weeddifama.

**110.** Manni keenya Lakkuu gamaa

111. Humni keenya cubbuu qabaa

112. Ofileef dhaabbataa bullaa

113. Dhaqii ilaali obbooshee hingallaa (Shuumee Dheeressaa, 01/06/2011)

Buufata 17 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [110] hanga [113] ciroo ofdanda'aa tokko tokko irraa ijaarame.Innis, Manni keenya Lakkuu gamaa, Humni keenya cubbuu qabaa, Ofileef dhaabbataa bullaa, Dhaqii ilaali obbooshee hingallaa kan jedhuudha. Qindoominni caasaa isaa ciroowwan hundinuu akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'aniin duraa duubaan qinda'aniiru. Ciroowwan kunneenis gaggabaaboofi xumura bo'oowwanii irrattis Sagalee dheeraa walfakkaatoo qabu. Innis, salphaatti akka weeddifamu taasise.

Weedduun buufata 17 jalatti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu weedduu jalbultii fuudhaafi heerumaa irraa eegalanii weeddisaa turan, intala heerumturraa gama durbummaatiin shakkii yoo qabaatan gurbaan fuudhu intala bira akka ga'u qeequun weeddisu.

**114.** Uleen waaritee caccabde’oo

115. Nutoo waarinee dadhabne’oo

116. Obboomoo obbolee waadhibe’oo

117. Obboo koo waahindhibne’oo

118. Obbolee dhibnaan waarine’oo (Abarrash Tarfaa, 05/07/2011)

Buufata 18 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo’oo [114] hanga [118] ciroo ofdanda’aa irraa ijaarame. Innis, Uleen waaritee caccabde’oo, Nutoo waarinee dadhabne’oo, Obboomoo obbolee waa dhibe’oo, Obboo koo waa hindhibne’oo, Obbolee dhibnaan waarine’oo. Kan jedhuudha**.**

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan hundinuu akkaataa dhaamsa dabarsuu danda’aniin duraa duubaan qinda’aniiru. Ciroowwan kunneenis gaggabaaboofi xumura bo’oowwanii irrattis Sagalee walfakkaatoo qabu. Innis, salphaatti akka weeddifamu taasise.

Weedduun buufata 18 jalatti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu intalli heerumtu dhuftee mana gurbaa fuudhuu erga seentee booda gurbaan intala bira deemee deebi’uu yoo ture rakkoon intala heerumtu bira malee gurbaa miti jechuun intala heerumtu qeequun weeddifama.

### 4.2. Weedduu Arrabsoo Jalbultii Qe’ee Warra Intalaa

Weedduun arrabsoo jalbultii qe’ee warra intalaatti weeddifamu intala heerumtutu galgala galgala dubara hiriyyaa ishee waliin ta’uun gurbaa fuudhu: dhimma qabeenyaa, haala guddisaa, gootummaa, suusii dhugaatii, akkaataa nyaataa, qaama miidhamummaafi haala uffannaa inni qabu irratti xiyyeeffachuun weedduu arrabsoo jalbultii keessatti quuqqaafi tuffii walii qaban achi keessatti ibsatu. Akkasumas haala jireenya obbolaa,warraafi, firoottan isaa dabaree dabareen qabeenyaafi jireenya hawaasummaa isaanii wajjin walqabsiisanii arrabsu.

Yaada kana deggeruun boqonnaa lama sakattaa barruu keessatti akka ibsame guyyaan cidhaa torban lamatti yoogalu, intalli kennamtu sun hiriyyoota dubaraa waliin taatee weedduu eegalti. Weedduun kun hanga guyyaa cidhaatti galgalagalgala ittuma fufa. Haaluma walfakkaatuun gama gurbaa fuudhuutiinis karaa obboloowwan yookiin hiriyyoota isaa durbaa weedduun kun

nigeggeeffama. Weedduu kanas weedduu cidhaa yoo ittiin jedhamu innis arrabsoon kan dhiyaatuudha (Nagarii, 1995:4)

- **Manaafi akaakuun tuffachuu**

Ashaare yaahadaa gumee’oo
Soddeen walharee dhume’oo

1. Manni abbaakoo------Ashaare yaahadaa gumee’oo
2. Irri qorqorroo
3. Jalli boqqoloo
4. Manni abbaakee
5. Irri sooyyamaa
6. Jalli foon namaa
7. Foon namaa hirmii
8. Siyaanyaatu rimmii (AbarrashTarfaa, 05/07/2011)

Buufata 1 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo’oo [1] fi [4] gaalee maqaa irraa ijaarame. Innis manni abbaakoofi manni abbaakee kan jedhuudha. Bo’oo [2], [3], [5]fi [6] gaalee firoomsee irraa ijaarame. Innis, irri qorqorroo, jalli boqqolloo, irri sooyyomaa, jalli foon namaa kan jedhu yoo ta’u, bo’oo [7]n ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis, foon namaa hirmii kan jedhu.Bo’oo [ 8]n ciroo of danda’aa irraa ijaarame. Innis, si’aanyaatu rimmi kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa gaaleewwaniifi ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda’anitti duraa duubaan qinda’aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo’oowwanii irrattis sagalee wal fakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda’aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata tokko irrati dhiyaate kun kan xiyyeeffatu mana jireenya abbaa gurbaa fuudhuufi akaakuu gurbaa fuudhuu ennaa tuffatan akkasittiin qeequun waaddifama.

- **Qabeenyaatiin tuffachuu**.

Yaa hurrii roobaa
Walharee dhume soddeen yoonaa

**9.** Yeroo isheen achiin asbaatee------ Yaa hurrii roobaa

10 .Warra ginbiiti seenee

11. Warra abbaa birriiti seenee

12. Jarattii soddeti

13. Aramtuu dabooti isheenoo (Xajjituu Biraanuu, 05/07/2011)

Buufata 2 irratti walaloo weedduu arrabsoo dhiyaate bo’oo [9], [10] fi [11] ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis, Yeroo isheen achiin asbaatee, Warra ginbiiti seenee, Warra abbaa birriiti seenee kan jedhu yoo ta’u, bo’oo [12]fi [13]n immoo ciroo of danda’aa irraa ijaarame. Innis, Jarattii soddeti, Haramtuu dabooti isheenoo kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa gaaleewwaniifi ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda’anitti duraa duubaan qinda’aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo’oowwanii irrattis sagalee walfakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda’aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 2 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu qabeenyaa ga’aa yookiin guddaa kan hin qabne yoo ta’e weedduu kanaan qabeenyaan qeequun weeddisu.

Ashaare yaahadaa gumee’oo

Soddeen walharee dhume’oo

14. Soddee inni durii--------- Ashaare yaa gumee

15. Bilillee fidaa

16. Dammaan kadhataa

17. Soddee isheen ammaa

18. Bixxillee fixxee

19. Marqaa kadhattii

20. Maaloo abbaa durbaa

21. Kennaafii dhiqaa gabatee

22. Dhibnaan kadhatee.(Abarrash Tarfaa 05/07/2011)

Buufata 3 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo’oo [14], [17]fi [20]n ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis, Soddee inni durii, Soddee isheen ammaa, Maaloo abbaa durbaa kan jedhu yoo ta’u, bo’oo [15], [16], [18], [19], [21] fi [22]n immoo ciroo of danda’aa irraa

ijaarame.Innis,Bilillee fidaa, Dammaan kadhataa, Bixxillee fixxee, Marqaa kadhattii, Kennaafii dhiqaa gabatee, Dhibnaan kadhate kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa gaaleewwaniifi ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee wal fakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 3 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu mana warraa intalaatti wantoota guutuu qaban kan geessuu hin dandeenye yoo ta'e weedduu kanaan qeequun weeddisu.

Ashaare yaahadaa gumee'oo
Soddeen walharee dhume'oo

**23.** Xuwwee irra kaa'i---- Ashaare yaa gumee

24. Ittin bobeessaa

25. Munnee gadi taa'i

26. Sittan odeessaa

27. Ani haadhoon gootaa

28. Jennaan maal gootaa (Xajjituu Biraanuu, 05/07/2011)

Buufata 4 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [23], [25], [27]fi [28]n jechoota walqixaa  irraa ijaarame. Akkasumas bo'oowwan martinuu ciroo of danda'aa tokko tokko irraa ijaarame.Innis, Xuwwee irra kaa'i, Ittin bobeessaa, Munnee gadi taa'i, Sittan odeessaa, Ani haadhoon goota, Jennaan maal goota kan jedhhuudha.

Qindoominni caasaa isaa gaaleewwaniifi ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee wal fakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufta 4 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu gootummaan kan tuffatamu yoo ta'e weedduu kanaan qeequun weeddifama.

**Dhaqna hinqabatin hafuutiin yoo arrabsitu**

Yaa hurrii roobaa

Walharee dhume soddeen yoonaa

**29.** Qarabaa qaruun kaleessaa------ Yaa hurrii roobaa

30. Soddee koo silaa hindhageessaa

**31.** Washalaan hafuun ba'eessaa? (Abarrash Tarfaa 05/07/2011)

Buufata 5 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [29] hanga [31] ciroo of danda'aa irraa ijaarame.Innis, Qarabaa qaruun kaleessaa, Soddee koo silaa hindhageessaa, Washalaan hafuun ba'eessaa? kan jedhuudha**.**

Qindoominni caasaa isaa gaaleewwaniifi ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee walfakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 5 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu akka waan dhaqna hinqabatin hafeetti qeequun weeddifama.

Yaa hurrii roobaa

Walharee dhume soddeen yoonaa

**32**. Damma jiisaa gaaguraa----- Yaa hurrii roobaa

33. Soddee koo dalga ciibsaa afaan ulaa

34. Marrachiiseen washalaa irraa muraa (Abarrash Tarfaa, 05/07/2011)

Buufata 6 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [32] ciroo hirkataa innis, Damma jiisaa gaaguraa kan jedhu yoo ta'u,bo'oo [33]fi [34]n immoo ciroo of danda'aa irraa ijaarame. Innis, Soddee koo dalga ciibsaa afaan ulaa, Marrachiiseen wantattii irraa muraa kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa gaaleewwaniifi ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee wal fakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasiseera.

Weedduun buufata 6 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu dhaqna akka hinqabannetti qeequun ofii akka dhaqna qabuufii dandeessuutti weeddifama.

- **Uffannaatiin yoo arrabsitu**

  Yaa hurrii roobaa

  Walga'ee boo'a soddeen yoonaa

  **35**. Maal goota kootii----- Yaa hurrii roobaa

  36. Kootii ilma mootii

  37. Badi adda kootii

  38. Kan akka keetii

  39. Gomjii harkiftii

  40. Ittoo danfistii (Xibabuu Haayiluu, 01/06/2011)

Buufata 7 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [35], [37], [39]fi [40]n ciroo of danda'aa irraa ijaarame. Innis, Maal goota kootii, Badi adda kootii, Gomjii harkiftii, Ittoo danfistii. kan jedhu yoo ta'u, bo'oo [36]fi [38]n immoo ciroo hirkata irraa ijaarame. Innis, kootii ilma mootii, kan akka keettii kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa gaaleewwaniifi ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee walfakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasiseera.

Weedduun buufata 7 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu ilma xinnaa yookiin hiyyeessa yoo ta'e walaloo weedduu kanaan qeequun weeddifama.

- **Nyaataan yoo arrabsitu**

  Yaa hurrii roobaa

  Walharee boo'a soddeen yoonaa

  41. Haadhoon koortuudha------- Yaa hurrii roobaa

  42. Asheeta hin nyaattu

  43. Mootii midhaanii

  44. Yoo gogsan malee

45. Soddeen suuftuudha
46. Ateeta hinooltu
47. Salgan nadheenii
48. Yoo dhoksan malee (Abarrash Tarfaa, 05/07/2011)

Buufata 8 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [41], [42], [45] fi[46]ciroo of danda'aa irraa ijaarame. Innis, Haadhoon koortuudha, Asheeta hin nyaattu, Soddeen suuftuudha, Ateeta hinooltu kan jedhu yoo ta'u, bo'oo [43] , [44], [47]fi [48]n immoo ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis, Mootii midhaanii, Yoo gogsan malee, Salgan nadheenii, Yoo dhoksan malee kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa gaaleewwaniifi ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee wal fakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 8 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu akka albaadhessa yookiin akka nama nyaata hin quufnee yookiin hinbalfineetti walaloo weedduu kanaan qeequun weeddifama.

- **Gurbaan fuudhu guddisa yoo ta'e**

Yaa hurrii roobaa
Walharee boo'a soddeen yoonaa
**49**. Yaa tulluu kussii----- Yaa hurrii roobaa
50. Dachaan tuffisaa
51. Yaagobaaxaree
52. Yaasangaa saree
53. Jecha koo kanaa
54. Maaf bobaataree
55. Atoo guddisaa
56. Akka ilmoo saree
57. Dallaatu gugguufee

58. Nandanqaraaree

59. Dallantu hudduukee

60. Singabbaraaree (Birriituu Teessoo, 01/06/2011)

Buufata 9 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [49], [50], [51], [52], [53], [56]fi [59]n ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis, Yaa tulluu kussii, Dachaan tuffisaa Yaagobaaxaree, Yaasangaa saree, Jecha koo kana, Akka ilmoo saree, Dallantu hudduukee kan jedhu yoo ta'u,bo'oo [54], [55], [57]fi [58]fi [60]n ciroo of danda'aa irraa ijaarame. Innis, Maaf bobaataree, Atoo guddisaa, Dallaatu gugguufee, Nandanqaraaree, Singabbaraaree kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa gaaleewwaniifi ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee walfakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 9 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu guddisa yoo ta'e walaloo kanaan qeequun weeddifama.

- **Gurbaan fuudhu dhugaatii kan dhugu yoota'e**

Yaa hurrii roobaa

Walharee boo'a soddeen yoonaa

**61**. Nanduula jettaa---- Yaa hurrii roobaa

62. Akkamiin duultaa

63. Shaggarii jiruu

64. Naannessaa diillaa

65. Nan fuudha jettaa

66. Akkamiin fuutaa

67. Araqee jiruu

68. Raatessaa dhiiraa

69. Fuuti kee hinjiruu

70. Duutikee haadursuu

71. Eenyu niitiinkee

72. Anoo giiftiikee (Abarrash Tarfaa, 05/07/2011)

Buufata 10 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [61], [63], [64], 65] fi [67] ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis, Nanduula jettee, Shaggarii jiru, Naannessaa diillaa, Nan fuudhax jettaa, Araqee jiruu kan jedhu yoo ta'u,bo'oo [62],[66], [68], [69], [70], [71]fi [72]n ciroo of danda'aa irraa ijaarame.innis, Akkamiin duultaa?, Akkamiin fuutaa?, Raatessaa dhiiraa, Fuuti kee hinjiruu, Duutikee haadursu, Eenyu niitiinkee, Anoo giiftiikee kan jedhuudha**.**

Qindoominni caasaa isaa gaaleewwaniifi ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee wal fakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 10 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu dhugaatii kan baay'isu yoo ta'e qabeenyaa isaa araqee dhugaatiitti fixuun kan fuudhu hindandeenye ta'uufi yoo fuudhes tole jettee isa waliin kan hinbulle ta'uu qeequun weeddifti.

- **Dhiirummaan gurbaa fuudhu tuffachuu**

Yaa hurrii roobaa

Walharee boo'a soddeen yoonaa

73. Yaasangaa saree ----- Yaa hurrii roobaa
74. Maaf gomjaataree
75. Buqqeen dhangaadhaa
76. Nyaadheen argeeree
77. Atoo sangaadhaa
78. Saaqeen argeeree
79. Waarsaatu odeessaa
80. Niitii obboleessaa (Shuumee Dheeressaa, 01/06/2011)

Buufata 11 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [73]fi [80]n ciroo hirkataa irraa ijaarame.Innis, Yaasangaa saree, Niitii obboleessaa kan jadhuudha Bo'oo [74], [75], [76], [77], [78]fi [79] ciroo ofdanda'aa irraa ijaarame.Innis, Maaf gomjaataree, Buqqeen dhangaadhaa, Nyaadheen argeeree, Atoo sangaadhaa, Saaqeen argeeree, Waarsaatu odeessaa kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa gaaleewwaniifi ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unkagaggabaabaafi xumura

bo’oowwanii irrattis sagalee walfakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda’aniifi yeedaloo akka qabaatu taasiseera.

Weedduun buufata 11 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaa fuudhu dhiirummaa isaa kan tuffattu yoo ta’e walaloo atoo sangaadhaa, saaqeen argeeree, waarsaatu odeessaa niitii obboleessaa jechuun qeequun weeddifti.

- **Gootummaa dhabuu gurbaa fuudhuun yoo arrabsitu**

Ashaare yaahadaa gumee’oo
Soddeen walharee dhume’oo
**81.** Ajjeeri ajjeerii----- Ashaare yaahadaa gumee’oo
82. Sooyyama duudaa
83. Ajjeesi ajjeesii
84. Soolana hantuutaa
85. Maaf didhaan duutaa (Xajjituu Biraanuu, 05/07/2011)

Buufata 12 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo’oo [81], [83]fi [85]n ciroo of danda’aa irraa ijaarame. Innis, Ajjeeri ajjeerii, Ajjeesi ajjeesii, Maaf didhaan duutaa kan jadhu yoo ta’u bo’oo [82]fi [84]n ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis, Sooyyama duudaa, Soolana hantuutaa kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa gaaleewwaniifi ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda’anitti duraa duubaan qinda’aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo’oowwanii irrattis sagalee wal fakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda’aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 12 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu bineensota gurguddoo: leenca, gafarsa, qeerransa, arbaafi yeeyyii kan hinajjaasne yoo ta,e walaloo weedduu kanaan qeequun weeddifama.

Yaa hurrii roobaa
Walharee boo’a soddeen yoona
**86.** Utuu dur qottee------ Yaa hurrii roobaa

87. Goodaa maasii kee

88. Shumburaa qottaa

89. Shaxee babbaqxaa

90. Utuu dur dhuftee

91. Mana amaatii kee

92. Gunfuraan dhuftaa

93. Gunfura arbaa

94. Yaaseen gafarsaa

95. Atoo hinbaqattaa

96. Awwaara kaaftee

97. Eessatti agartaa (Abarrash Tarfaa, 05/07/2011).

Buufata13.irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [86], [87], [90], [91], [93], [94]fi [96]n ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis, .Utuu dur qottee, Goodaa maasii kee, Utuu dur dhuftee, Mana amaatii kee, Gunfura arbaa, Yaaseen gafarsaa. Awwaara kaaftee kan jedhu yoota'u, bo'oo [88], [89], [92], [95]fi [97]n immoo ciroo ofdanda'aa irraa ijaarame. Innis, Shumburaa qottaa, Shaxee babbaqxaa, Gunfuraandhuftaa, Atoo hinbaqattaa, Eessatti agartaa kan jedhudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee wal fakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 13 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu yeroo dargaggummaa isaatti akka aadaatti bineensota gurguddoo kanneen akka Leenca, Gafarsa, Arba, Yeeyyiifi Qeerransa ajjeesee kan hin jirree yoo ta'e akka gurbaan dabeessa ta'eetti qeequun weeddifama.

Yaa hurrii roobaa

Walharee boo'a soddeen yoona

**98.** Aayyoon na hindeenyee----- Yaa hurrii roobaa

99. Na guddifattee

100. Atoo hinajjeesnee

101. Anoo hindhageenyee

102. Yoom quyyifattee

103. Addaanuu sobaa

104. Bassaan corroqaa

105. Narraayyuu hincobaa

106. Anuu sigeessaa

107. Malkaa didheessaa

108. Anuu ajjeesaa

109. Atuu dibadhuu

110. Mirga dubartii

111. Gallee hubannaa

112. Balbala durattii (Abarrash, Tarfaa 05/07/2011)

Buufata 14. irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo’oo, [103],[107]fi [110]n ciroo hirkataa irraa ijaarame.Innis, Addaanuu sobaa, Malkaa didheessaa, Mirga dubartii kan jedhu yoota’u, bo’oo [98], [99], [100],[101], [102], [104], [105] [106], [108], [109], [111]fi [112] ciroo ofdanda’aa irraa ijaarame.Innis, Aayyoo na hindeenyee,Na guddifattee, Atoo hinajjeesnee, Anoo hindhageenyee,Yoom quyyifattee, Bassaan corroqaa, Narraayyuu hincobaa, Anuu sigeessaa, Anuu ajjeesaa, Atuu dibadhuu, Gallee hubanna, Balbala duratti kan jedhuudha.

Qindoominni caasa isaa ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda’anitti duraa duubaan qinda’aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo’oowwanii irrattis sagalee wal fakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda’aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 14. irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu osoo hinajjeesin dibata akka warra ajjeeseetti dibatee kan deemu yoo ta’e,dibatichi dibata ajjeesaa akka hin taane qeequufi gurbaan gara fuula duraatti akka onnatu gochuuf weeddifama.

- **Qaama miidhamummaan yoo arrabsitu**

Yaa hurrii roobaa

Walharee boo’a soddeen yoona

**113**. Daaraan margaaree-------- Yaa hurrii roobaa

114. Facaasii ilaalii

115. Baallaan kee argaaree

116. Aqaaqii ilaalii

117. Gajamoo hinqabduu

118. Maaf muka yaabdaa

119. Dunbulloo hinqabduu

120. Maaf fuudha yaaddaa (Xibabuu Haayiluu, 01/06/2011).

Buufata 15 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [113] hanga [120] ciroo of danda'aa tokko tokko irraa ijaarame.Innis,Daaraan margaaree, Facaasii ilaalii, Baallaan kee argaaree, Aqaaqii ilaalii, Gajamoo hinqabduu ,Maaf muka yaabdaa, Dunbulloo hinqabduu, Maaf fuudha yaaddaa kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee wal fakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 15 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu akka rakkoo qaroo ijaa qabuuttiifi harka qal'eessa ta'eetti qeequun weeddifama.

121**.** Baala sokokkee

122. Eessa dhaqxa soddee

123. Naafa gotottee

124. Cabi akka sooyyama xobbee (Shuumee Dheeressaa, 01/06/2011)

Buufata 16 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [121]fi [123]n ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis, Baala sokokkee, Naafa gotottee kan jedhu yoo ta'u bo'oo [122]fi [124]n immoo ciroo of danda'aa irraa ijaarame. Innis,Eessa dhaqxa soddee, Cabi akka sooyyama xobbee kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee wal fakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 16 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu akka qaama miidhamaa ta'eetti aarsuuf walaloo weedduu kanaan qeequun weeddifama.

Yaa hurrii roobaa

Walharee boo'a soddeen yoonaa

125**.** Midhaan koo hinmargee----- Yaa hurrii roobaa

126. Aramaan qixxee

127. Cidhaan keen argee

128. Isa jilbaan qixxee.

129. Isa silmiin fixxee (Xibabuu Haayiluu, 01/06/2011)

Buufata 17 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [125] hanga [129] ciroo of danda'aa irraa ijaarame.Innis, Midhaan koo hinmargee, Aramaan qixxee, Cidhaan keen argee, Isa jilbaan qixxee. kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee wal fakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka dubbatamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 17 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu akka waan qaamni hormaataa gurbaa fuudhuu guddaa ta'eefi silmiin nyaatteetti walaloo kanaan qeequun weeddifama.

**Haadha gurbaa fuudhuu yoo tuffattu**

Yaa hurrii roobaa

Walharee boo'a soddeen yoona

130. Harmeen haati koo----- Yaa hurrii roobaa

131. Diinqarra teessee

132. Cooma murmurtii

133. Harmeen haati kee

134. Karaarra teessee

135. Qola gurgurtii (Abarrash Tarfaa, 05/07/2011)

Buufata 18 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [130]fi [133]n ciroo hirkataa irraa ijaarame.Innis, Harmeen haati koo, Harmeen haati kee, kan jedhu yoo ta'u bo'oo [131], [132], [134] fi [135]n immoo ciroo of danda'aa irraa ijaarame. Innis, Cooma murmurtii, Qola gurgurti kan jedhuudha**.**

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee walfakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 18 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu haati isaa harka qalleettii yoo taate walaloo weedduu kanaan qeequun weeddiifama.

- **Balbala dhowwannaa**

  136**.** Balbalee balbala hindaaqqoo

  137. Hinkennu balbala abbaakoo

  138. Yaasoddee achuma dhaaphuu.

  139. Mukarbaa doggomaa

  140. Fidi yaatortoraa

  141. Gatiin balbalaa soddomaa (Xajjituu Biraanuu, 05/07/2011)

Buufata 19 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [136] ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis, Balbalee balbala hindaaqqoo kan jedhu yoo ta'u bo'oo [137] ,[138], [140]fi [141]n ciroo of danda'aa irraa ijaarame. Innis, Hinkennu balbala abbaakoo,Yaasoddee achuma dhaaphu, Fidi yaatortoraa, Gatiin balbalaa soddomaakan jedhuudha. Akkasumas bo'oo [139] gaalee maqaa irraa ijaarame. Innis, mukarbaa doggomaa kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa gaaleewwaniifi ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee wal fakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 19 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaa fuudhu irraa gatii balbalaa qarshii fudhachuuf weeddifama.

Yaa hurrii roobaa

Walharee boo'a soddeen yoonaa

142. Mana abbaa kootii ------- Yaa hurrii roobaa

143. Godoo kee seetee

144. Hingugguufinii

145. Minxaafii harmee koo

146. Raroo kee seetee

147. Itti hindhuufinii

148. Mana abbaa kootii

149. Kan baalli hinbuunee

150. Baalageetu guutee

151. Baalallee hinharuu

152. Baalageef safuu (Birriituu Teessoo, 01/06/2011)

Buufata 20 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaate bo'oo [142], [143], [145], [146] fi [148]fi [149] n ciroo hirkataa irraa ijaarame.Innis, Mana abbaa kootii, Godoo kee seetee, Minxaafii harmee koo, Raroo kee seetee, Mana abbaa kootii, kan baalli hinbuunee kan jedhu yoo ta'u bo'oo [144], [147], [150], [151], [152] ciroo of danda'aa irraa ijaarame. Innis, Hingugguufini, Itti hindhuufini, Baalageetu guutee, Baalallee hinharuu, Baalageef safuu kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee walfakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun Buufata 20 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu mana jireenyaa gaarii ta'eefi afata mana keessaa (minxaafii) qabaachuu dhabuu isaa qeequun weeddifama.

- **Akkaataa nyaataan yoo arrabsitu**

Yaa hurrii roobaa

Walharee boo'a soddeen yoonaa

153. Gabatee nyaata sidaamaa------ Yaa hurrii roobaa

154. Qalbiin nyaadhu yaa soddee

155. Gama kee maaltu sisaamaa,

156. Yaa harree <u>teepha baadhuu</u> (2)

157. Martee hingudunfinii

158. Yaa soddee <u>suuta nyaadhuu</u> (2)

159. Martee hinhuduminii

160. Yoo ofii ganna baatee

161. Haadhoo koo ganna hin baaftuu,

162. Gaangoon maggaltee

163. Soddeen qoonqoof asgaltee

164. Itti haraa haraa gabatee

165. Haaka'uu afaan naqatee (Shumee Dheeressaa, 01/06/2011)

Buufata 21 irratti walaloon weedduu arrbsoo dhiyaate bo'oo [153]fi [160]n ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis, Gabatee nyaata sidaamaafi Yoo ofii ganna baate kan jedhu yoo ta'u, bo'oo [154], [155], [156], [157], [158], [159], [161], [162], [163],[164]fi [165] ciroo ofdanda'aa irraa ijaarame. Innis, Qalbiin nyaadhu yaa soddee, Gama kee maaltu sisaamaa, Yaa harree teepha baadhu (2), Martee hingudunfini, Yaasoddee suuta nyaadhu, Martee hinhuduminii, Haadhoo koo ganna hinbaaftu, Gaangoon maggaltee, Soddeen qoonqoof asgaltee, Itti haraa haraa gabatee,Haaka'u afaan naqatee kan jedhuudha.

Qindoominni caasaaisaa ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee walfakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 21 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu akkaataa nyaataa gurbaan fuudhuu itti nyaatu irratti hundaa'uun yookiin qeequun walaloo weedduu kana weeddisu.

Yaa hurrii roobaa

Walharee boo'a soddeen yoonaa

166. Baaqilaa daakii--------- Yaa hurrii roobaa

167. Kan akka xaafii

168. Haati kee haamooqxuu

169. Ani siin gingilchaa

170. Gaa'ela hankaakii

171. Kan akka raajii

172. Haati kee haaboossuu

173. Ani siin ililchaa (Abarrash Tarfaa, 05/07/2011)

Buufata 22 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaatee bo'oo [167]fi [171] ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis, Kan akka xaafii, Kan akka raajii kan jedhu yoo ta'u, bo'oo [166], [168], [169],[170], [172]fi [173] ciroo ofdanda'aa irraa ijaarame. Innis, Baaqilaa daakii, Haati kee haamooqxuu, Ani siin gingilchaa, Gaa'ela hankaakii, Haati kee haaboossuu, Ani siin ililchaa kan jedhuudha.

Qindoominni caasaaisaa ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee walfakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 22 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaa fuudhu aarsuuf walaloo weedduu gaa'ila hankaaki haatikee haaboossuu jedhuun weeddisuun arrabsu.

- **Ulee ulee yabaala nuugii**

174. Kan soddeen horee------Ulee ulee yabaala nuugii

175. Yawaaq duguugii

176. Soddeen kun meeqaa

177. Maalittan beekaa

178. Lakkoofsaan torbaa

179. Haxaa'i golfaa

180. Yadiimaa biluu

181. Yadi isaa diruu (Xajjituu Biraanuu, 05/07/2011)

Buufata 23 irratti walaloon weedduu arrabsoo dhiyaatee bo'oo [174]fi [180]n ciroo hirkataa irraa ijaarame.Innis,Kan soddeen horee, Yadiimaa biluu kan jedhu yoo ta'u, bo'oon [175], [176],

[177], [178], [179]fi [181] ciroo ofdanda'aa irraa ijaarame. Innis, Yawaaq duguugi, Soddeen kun meeqaa, Maalittan beekaa, Lakkoofsaan torbaa, Haxaa'i golfaa, Yadi isaa diruu kan jedhudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee walfakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akka qabaatu taasise.

Weedduun buufata 23 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu intala fudhatee deemuuf yoo jedhu aarsuuf jecha weedduu kana weeddisuun arrabsu.

182. Yaa Jimmaa raaree
183. Fuudhee galaaree
184. Rakoo qalaaree
185. Hankaassi waaree. (Abarrash Tarfaa 05/07/2011)

Buufata 24 irratti walaloon weedduu arrabsoon dhiyaate bo'oo [182] n ciroo hirkataa irraa ijaarame. Innis, Yaa Jimmaa raaree kan jedhu yoo ta'u, bo'oo [183], [184]fi [185]n ciroo ofdanda'aa irraa ijaarame.Innis, Fuudhee galaaree, Rakoo qalaaree, Hankaassi waaree kan jedhuudha.

Qindoominni caasaa isaa ciroowwan buufata kana keessa jiran akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qinda'aniiru. Akkasumas unka gaggabaabaafi xumura bo'oowwanii irrattis sagalee wal fakkaataa qabu. Kunis yeroo walqixaa keessatti akka weeddifamuu danda'aniifi yeedaloo akkaqabaatu taasise.

Weedduun buufata 24 irratti dhiyaate kun kan xiyyeeffatu gurbaan fuudhu intala fudhatee mana warra intalaatii ennaa ka'u hiriyyoonni intala heerumtuu duudhaaf jecha walaloo weedduu fuudhee galaaree, rakkoo qalaaree, hankaassi waaree jechuun aarii hiriyyaa isaanii dhabaniif gurbaa aarsuuf weeddisu.

### 4.3. Caaseffama Afwalaloo Weedduu Arrabsoo Fuudhaafi Heerumaa

Caasaan afwalaloo weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa gaaleewwaniifi ciroowwan unkaan gaggabaaboo, xumura bo'oowwanii irrattis sagalee walfakkaatoo yeedaloo uuman, jechoota

miira namaa tuxuquun aarsuu danda’aniifi akkaataa ergaa dabarsuu qabaniin duraa duubaan kan qinda’aniidha. Afwalaloon weedduu arrabsoo fuudhaafi heeruma naqataa kan qe’ee warra gurbaas ta’e qe’ee warra intalaa kan xiyyeeffatu soddaa arrabsuudha. Innis, jalqabarra gareen lamaanuu kara ofii yaada ofiifi wanta ta’uu qabu qaba jedhan kaasu. Walakkaa irratti gareen lamaanuu akka waan ulaagaa sana guutuu hindandeenyeetti waliif kaasu. Xumura irratti gareen lamaanuu akka waan abdii kutataniitti miira aarii dabalanii weeddichaan dubbatu.

### 4.3.1. Amala Jalqabbii Afwalaloo Weedduu Arrabsoo Fuudhaafi Heerumaa

- Afwalaloon weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa jalqabarra kan qe’ee warra gurbaa fuudhuu gurbaa fuudhuufi obboloota isaa olkaasuun yookiin gurra guddisuun weeddisu. Kunis, weedduu arrabsoo jalbultii qe’ee warra gurbaa bo’oo [5] hanga [8] Obboon hinfuudhuu, Farda isaa ergaa, Fardi obboo kunoo, Eegeen migiraa, bo’oo [38] hanga [40] Obboon axaarii, Maltee hinbaatuu, Sobdee hindandeessuu, bo’oo [60]fi [61] Obboon Dhidheessaa, Qabee sigeessaa, bo’oo [66]fi [67] Dhiiftee dhufteeree, Qe’ee durbaattii, bo’oo [77] hanga [79] Mana abbaa kootii, Bililleen torbaa, Waancaan saddetii, bo’oo [83] hanga [86] Ani durba beekaa, Durba akka kootii,Ijatu goraadhaa, Harmatu gobaadhaa, bo’oo [97] hanga [99] Jirbii fiddan malee, Birrii fiddan malee, Hinkennu balbala abbaakoo, bo’oo [117]fi [118] Obbookoo hindhibne’oo, Obbolee dhibnaan waarine’oo jechuun weeddisu.
- Weedduu arrabsoo jalbultii qe’ee warra intalaatiinis intalliifi hiriyyoottan ishee ol ofguddisuun weeddisu. Kunis weedduu qe’ee warra intalaa bo’oo [1] hanga [3] Manniabbaakoo, Irri qorqorroo, Jalli boqqolloo, bo’oo [27]fi [28] Ani haadhoon gootaa, Jennaan maal gootaa, bo’oo [41] hanga [44] Haadhoon koortuudhaa, Asheeta hinnyaattuu, Mootii midhaanii, Yoogogsan malee, bo’oo [71]fi [72] Eenyu niitiin kee, Anoo giiftiikee, bo’oo [104] hanga [109] Bassaan corroqaa, Narraayyuu hincobaa, Anuu sigeessaa, Malkaa Dhidheessaa, Anuu ajjeesaa, Atuu dibadhuu, bo’oo [125]fi [126] Midhaan koo hinmargee, Aramaan qixxee, bo’oo [130] hanga [132] Harmeen haatikoo, Diinqarraa teessee,Cooma murmurtii jechuun weeddisu.
- Walakkeessa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa kan qe’ee warra gurbaa fuudhuutti akka waan intalli ulaagaa guutuu hindandeenyeetti qeequun weeddisu. Innis, weedduu arrabsoo jalbultii qe’ee warra gurbaa bo’oo [1] hanga [4] Afuufe jettee, Boobee shan daaktee,

Nafuudhi jettee, Boossee shan dhaamtee, bo’oo [25] hanga [28] Yoofiddee dhuftee, Araddaan keetii, Kan dugda hoomii, Obboon hirmaataa, bo’oo [35] hanga [37] Coqorsa daarii, Aramtee hinbaaftuu, Soqxee hindandeessuu, bo’oo [45] hanga [48] Durbarra deemii, Liqii funaanii, Durbarraa dhabdee, Garbarraa hindhabduu, bo’oo [64] hanga [67] Miila salphattaa, Farda gubbaattii, Dhiiftee dhufteeree, Qe’ee durbaattii, bo’oo [105] hanga [109] Hanqaaquutu xaaxa’ee, akaakuu naata’ee, Haati koos akkasii: akkoon koos akkasii, Gubbaa dirree dhaapheen gurbaa tikseef laadhee, Gubbaa keelloo dhaapheen gurbaa qeerroof laadhee, Gubbaa tuufoo dhaapheen gurbaa suubboof laadhee jechuun weeddisu.

- Haaluma walfakkaatuun qe’ee warra intalli heerumtuutii gurbaan fuudhu akka waan ulaagaa guutuu hindandeenyeetti qeequun weeddisu. Innis, weedduu arrabsoo jalbultii qe’ee warra intalaa bo’oo [4] hanga [6]  Manni abbaakee, Irri sooyyamaa, Jalli foon namaa, bo’oo [10] hanga [13] Warra ginbiiti seenee, Warra abbaa birriiti seenee, Jarattii soddeeti, Aramtuu dabooti isheenoo bo’oo [14] hanga [18] Soddee inni durii, Dammaan kadhataa, Soddee isheen ammaa, Bixxillee fixxee, Marqaa kadhattii bo’oo [29] hanga[31] Qarabaa qaruun kaleessaa, Soddeekoo silaa hindhageessaa,Washalaan hafuun ba’eessaa, bo’oo [35] hanga [40] Maal goota kootii, Kootii ilma mootii, Badi adda kootii, Kan akka keetii, Gomjii harkiftii, Ittoo danfistii bo’oo [55]fi [56] Atoo guddisaa, Akka ilmoo saree, bo’oo [65] hanga [68] Nanfuudha jettaa, Akkamiin fuutaa, Araqee jiruu, Raatessaa dhiiraa bo’oo [77] hanga [80] Atoo sangaadhaa, Saaqeen argeeree, Waarsaatu odeessaa, Niitii obboleessaa bo’oo [86 ]hanga [97] Utuu durqottee, Goodaa maasiikee, Shumburaa qottaa, Shaxee babbaqxaa, Utuu durdhuftee, Mana amaatiikee, Gunfuraan dhuftaa, Gunfura arbaa, Yaaseen gafarsaa, Atoo hinbaqattaa, Eessatti agartaa, bo’oo [100] hanga [103] Atoo hinajjeesnee, Anoo hindhageenyee, Yoom quyyifattee, Addaanuu sobaa bo’oo [117] hanga [120] Gajamoo hinqabduu, Maaf muka yaabdaa, Dunbulloo hinqabduu, Maaf fuudha yaaddaa bo’oo [133] hanga [135] Harmee haatikee, Karaarra teessee, Qola gurgurtii bo’oo [142] hanga [147] Mana abbaakootii, Godookee seetee, Hingugguufinii, Minxaafii harmeekoo, Rarookee seetee, Itti hindhuufinii jechuun weeddisu.
- Xumura weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa kan qe’ee warra gurbaa intala irraa akka waan abdii kutataniitti miira aariin weeddisu. Innis, bo’oo [7] hanga [10] Fardi obboo kunoo, Eegeen migiraa, Eeggadhu intaloo, Ejjee sidiraa bo’oo [15] hanga [18] Mataakee dhooftaa

mataakee hidhuu, Jedhee hindhaamnee yaa qiciicittii, Maqaakoo dhooftaa maqaakee hindha'uu, Jedhee hindhaamnee yaa miriixittii. Bo'oo [19] hanga [21] Kan gama deemuu hooboomoo cooraa, Kan garaa keetii ulfamoo coomaa, Yoo ulfaa da'ii yoo coomaa dayya'ii bo'oo [22] hanga [24] Yaa hiddii maraa daashuree, Intalloo karaatti deessee, Haadha moo mucaa baaturee bo'oo [29] hanga [34] Yoo dhiiftee dhuftee, Alangaan keetii, Kan dugda roobii, Soottoon irbaataa, Biyyoon sinyaataa bo'oo [49]fi [50] Kan garbi keessee, Ati eessa keessee, bo'oo [80] hanga [82] Mana abbaa keetii, Billiqeen torbaa, Haadhaan saddetii bo'oo [87] hanga [94] Ani nadheen beekaa, Nadheen akka ishee, Irree ishee ilaallaan, Qaqalloo meexxii, Jala ishee ilaallaan, Qalqalloo reettii, Moonyeetu aseenaa bo'oo [95]fi [96] Uraan gindii lamaa, Uramtittii kanaaf bo'oo [110] hanga [113] Manni keenya lakkuu gamaa, Humni keenya cubbuu qabaa, Ofileef dhaabbataa bullaa, Dhaqii ilaali obbookoo hingallaa jechuun weeddisu.

- Haaluma walfakkaatuun xumura weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa qe'ee warra intalaa miira aariin gurbaa fuudhu arrabsu. Innis, bo'oo [23] hanga [26] Xuwwee irrakaa'ii, Ittin bobeessaa, Munnee gadi taa'ii, Sittan odeessaa bo'oo [32] hanga [34] Damma jiisaa gaaguraa, Soddeekoo dalga ciibsaa afaan ulaa, Marrachiiseen washalaa irraa muraa bo'oo [45] hanga [48] Soddeen suuftuudha, Ateeta hinooltuu, Salgan nadheenii, Yoodhoksan malee bo'oo [113] hanga [116] Daaraan margaaree, Facaasii ilaaalii, Baallaankee argaaree, Aqaaqii ilaalii bo'oo [121] hanga [124] Baala sokokkee, Eessa dhaqxa soddee, Naafa gotottee, Cabi akka sooyyama xobbee bo'oo [127] hanga [129] Cinaankeen argee, Isa jilbaan qixxee, Isa silmiin fixxee bo'oo [139] hanga [141] Mukarbaa doggomaa, Fidi yaatortoraa, Gatiin Balbalaa soddomaa bo'oo [148] hanga [152] Mana abbaakootii, Kan baalli hinbuunee, Baalgeetu guutee, Baalallee hinharuu, Baalageef safuu bo'oo[162] hanga [165] Gaangoon maggaltee, Soddeen qoonqoof asgaltee, Itti haraa haraa gabatee, Haaka'uu afaan naqatee bo'oo [170] hanga [173] Gaa'ila hankaakii, Kan akka raajii, Haatikee haaboossuu, Ani siin ililchaa bo'oo [174]fi [175] Kan soddeen horee, Yaawaaq duguugii bo'oo [179] hanga [181] Haxaa'i golfaa, Yaadiimaa biluu, Yadi isaadiruu bo'oo [182] hanga [185] Yaa Jimmaaa Raaree, Fuudhee galaaree, Rakoo qalaaree, Hankaasi waaree jechuun weeddisu.

### 4.3.2. Bo’oowwan Ceesisaa Weedduu Arrabsoo Fuudhaafi Heerumaa

Afwalaloo weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa akkaataa ergaa dabarsuu danda’uun bo’oofi buufataan qoqqoodaamuun weeddifama. Bo’oowwan weedduu arbsoos ta’ee buufanni weedduu arrabsoo ceesisaa isa tokko irraa isa itti aanutti darbuun weeddifama. Buufannichis ergaa tokko irraa gara ergaa biraatti ennaa cee’u bo’oo ceesisaa qabaata. Kunis ergaa bo’oon yookiin buufanni afwalaloon sun qabu irratti hundaa’a. Ceesisa weedduu fuudhaafi heerumaa kanas kan bo’oofi buufataan mul’atu, akkasumas kan weedduu qe’ee warra gurbaafi qe’ee warra intalaa jechuun ilaaluu dandeenya.

**Buufata ceesisaa weedduu arrabsooqe’ee warra gurbaafi qe’ee warra intalaa:-**

- Ashaaree yaahadaa gumee’oo
  Soddeen wal haree dhume’oo
- Yaa hurrii roobaa
  Walga’ee boo’a soddeen yoonaa
- Balbalee balbala hindaaqqoo hudduu reejjii
  Hin kennu balbala abbaakoo hudduu keettii
- Ulee ulee yabaala nuugii

**Bo’oofi Buufata Ceesisa Weedduu Arrabsoo Kan Qe’ee Warra Gurbaa**

- Maal maal jettee boossi isheenoo
- Yaa ulee jijiisaa buqqee
  Intalloo diddirmaa dhuftee
  Karra hankaassaa qabaa lalaa
- Yaa ulee maraa reejjii
  Intalloo maratteettii
  Kuunnoo mataa arreeddii
  Qabaa geessaa biyy a abbaa isheettii
- Hurree hurrimminniittii
  Sayyoo gursummiittii
  Gundoon ati hodhattee
  Tirmaa ati abdatte meerree

# BOQONNAA SHAN CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Qorannoon kun mata duree qaaccessa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Jaarsoo ija yaaxxina caasaan geggeeffame. Ragaan madda odeeffannoo karaa marii garee, daawwannaafi sakatta'a dookimentiin argame ija yaaxxina caasaan qaacceffame.

## 5.1 Cuunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa qaaccessa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa ija yaaxxina caasaan qaaccessuun barreeffamatti jijjiiruun hawaasa keessa tursiisuudha. Qorannoo kana galmaan ga'uuf malleen qorannoo jiran keessaa mala akkamtaa fayyadameen jira. Iddattoon filadhes iddatteessuu miti carraadha. Akaakuu iddatteessuu miti carraa keessaa akkayoofi darbaandabarsa fayyadamuun odeeffannoo fudhadheera. Akkasumas, dookimentii sakatta'uun odeeffannoon argadhe od-himtoota qophaa'aniif dhiyeessuun odeeffannoon qaacceffame.

Weedduun arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa Oromoo cidhi gaa'elaa yeroo raawwachuuf itti qophaa'anitti mana warra intalaafi mana warra gurbaatti kan sirbamuudha. Weedduu kanaanis safuu hawaasaa miliquudhaan intalli heerumtu hiriyoota ishee waliin gurbaan fuudhu: mana gaarii dhabuu, akaakuu baduu, qabeenyaan tuffachuu, dhaqna qabaa, haala uffannaa, haala nyaataa, guddisata'uu, dhugaatii guddisuu, dhiirummaan tuffachuu, gootummaa dhabuu. Qaama miidhamummaafi balbala dhowannaa ilaalchisuun gurbaa fuudhuufi firoottan isaa weedduun arrabsiti. Haaluma walfakkaatuun obboleettiin gurbaa fuudhuus hiriyyoottan ishii waliin ta'uun intalli heerumtu jarjartuu ta'uu, safuu wallaaluu, gabaabina dabbasaa mataa, halalummaa, furdina qaamaa, durbummaa dhabuu, qabeenya horachuu dhabuu, ilaalchisuun intala heerumtuufi firoottan ishee weedduun arrabsiti.

Walumaa galatti weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa mana warra gurbaafi mana warra intalaatti yeroo cidha gaa'elaa weeddifamu kan karaa marii garee daawwannaafi sakatta'a dookimentiin argaman od-himtoota qopha'aniif dhiyeessuun haala ijaarsa weedduuwwan arrabsoo fuudhaafi heerumaa, qindoominacaasaa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaafi dhimmi xiyyeeffannoo weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa ija yaaxxina caasaan qaacceffame.

**5.2. Argannoo**

Qorannoo kana keessatti odeeffannoo od-himtootaafi sakattaa dookimentiin argame boqonnaa afur keessatti qaacceffamuun hiikame. Innis, gaaffiiwwan bu'uuraa qopha'aniifi kaayyoo gooree qorannichaa irratti hundaa'uun deebiin argame akka armaan gadiitti dhiyaate.

1. Weedduun arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa gaaleewwaniifi ciroowwan akkamii irraa ijaarame?
   - Weedduun arrabsoo fuudhaafi heerumaa gaalee, ciroo hirkataafi ofdanda'aa irraa ijaaramaniin gurbaan fuudhu qabeenyaa horachuu dhabuu, mana gaarii ijaarrachuu dhabuu, akaakuu baduu, haala uffannaa, haala nyaataa, guddisa ta'uu, dhugaatii guddisuu, dhiirummaan tuffachuu, gootummaa dhabuu, qaama miidhamummaafi balbala dhowwannaa; kan intala heerumtuus intalli safuu beekuu dhabuu, gabaabina dabbasaa mataa, halalummaa, furdina qaamaa, durbummaa dhabuufi qabeenyaa horachuu dhabuun, qe'ee warra gurbaatti salphina qabaachuufi kan qabdu yoo ta'e immoo qe'ee warra gurbaatti kabajaa qabaachuu weedduu arrabsoo jechoota filatamoo, gaaleefi ciroowwan irraa ijaaramaniin qeequun weeddisu.
2. Qindoominni caasaa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa akkamiin ibsama?
   - Qindoominni caasaa weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa kan ittiin ibsamu: walakkeessa bo'oo walaloofi xumura bo'oo walaloo irratti sagalee wal fakkaataa qabaachuu, bo'oowwan unkaan gaggabaabaa ta'uu yookiin wal qixxummaa qabaachuu, bo'oowwan weedduu akkaataa dhaamsa dabarsuu danda'anitti duraa duubaan qindaa'uu, irra deddeebii sagaleefi ceesisa qabaachuudha.

3. Dhimmi xiyyeeffannoo weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa maali?
   - Dhimmi xiyyeeffannoo weedduu arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa jalqabarra gareen lamaanuu ofii isaanii, yaada isaanii olguddisuun, walakkeessarra ulaagaa guutuu akka hindandeenyetti walqeequufi xumurarratti akka waan abdii walirraa kutataniitti miira aariin weeddiffama. Kunis, gochaalee gaariin hawaasa keessatti fudhatama qaban akka dagaaganiifi gochaalee badaan hawaasa keessatti mul'atan akka hindagaagne gochuudha. Akkasumas, gurbaan fuudhu gaa'ela dura cimee hojjetachuun qabeenyaa horatee mana ijaarrachuufi akka duudhaa Oromootti waan isarraa eegamu guuttachuun fuudhuu akka

qabu; intalli heerumtus gaa’ela dura kabaja yookiin ulfina ishee eeggachuun qabeenyaas horachuun gaa’ela dhaabbachuu akka qabdu barsiisuuf weeddifama.

## 5.3. Yaboo

Yaboon qorannichaa argannoo bu’uuraa irratti hundaa’uun akkaataa armaan gadiitti ibsame. Weedduun arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa gaa’ela keessatti mana warra gurbaafi mana warra intalaatti kan raawwatuudha.Weedduun weeddifamu afaaniffa (oral) yoo ta’u haala ijaarsa gaaleefi ciroowwan isaa, qindoomina caasaa bo’oowwan isaafi dhimma xiyyeeffannoo weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa qorachuun beekuufi ol kaa’uun murteessaadha.

- Barsiisota Afaan Oromoo, gumiiwwan ogbarruu Afaan Oromoofi Waajjirooleen Aadaafi Tuurizimii weedduuwwan arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa  kan mana warra intalaafi mana warra gurbaatti weeddifamu maal irraa akka ijaaraman:gaaleewwaniifi ciroowwan filatamaniin gurbaa fuudhuufi intala heerumtu barsiisuu,gorsuu,akeekkachiisuufi onnachiisuu danda’u bifa gaale, ciroo hirkataafi ciroo of danda’aa irraa afaaniffaan kan ijaaraman akka hindagatamneef haweaasa keessaa funaanuun karaa caasaa qindeessuun gara barreeffamaatti jijjiiruun Waajjira Aadaafi Tuuriizimii, mana dubbisa kitaabaa hawaasaa, godaa hambaafi miidiyaalee hawaasaa adda addaa galchuun hawaasa keessa tursiisuun gaarii ta’a.
- Qindoominni caasaa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa kan mul’atu xumura bo’oo walalootti sagalee walfakkaataan dhumuu, walakkeessa bo’oo irratti sagaleefi jechoota walfakkaataa qabaachuu, irra deddeebii sagaleefi jechaa qabaachuu, ceesisa, unka gabaabaa qabaachuufi yeedaloo qabaachuudha. Kunis, weedduun arrabsoo akka salphaatti yaadatamu taasise. kanaaf, barsiisotni Afaan Oromoo, gumiiwwan ogbarruu Afaan Oromoofi Waajjirooleen Aadaafi Tuurizimii weedduuwwaan arrabsoo sirna fuudhaafi heerumaa wantoota qindoomina isaa ibsan waliin kara caasaafi barreeffamaan qindeessuun ol kaa’uun dhaloota itti aanutti dabarsuun barbaachisaadha.
- Xiyyeeffannoon weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa jalqabarra gareen lamaanuu ofii isaaniifi yaada isaanii olkaasuun himu. Walakkeessarra akka waan ulaagaa hinguutneetti walqeequ. Xumurarra akka waan abdii walirraa kutataniitti miira aariin weeddisu. Kunis, gurbaan fuudhuufi intalli heerumtu gaa’ela dura hojjetanii qabeenyaa akka horatan, safuufi

kabaja hawaasa keessa jiru akka beekan, amala badaa hawaasa biratti jibbamaa ta’e irraa akka of qusatan gochuu, duudhaaleenfuudhaafi heeruma keessatti argaman akka jiraatan barsiisa. Kanaaf, barsiisotni Afaan Oromoo, gumiiwwan ogbarruu Afaan Oromoofi Waajjirooleen Aadaafi Tuurizimii weedduuwwan arrabsoo fuudhaafi heerumaa gama caasaan qindeessuun ol kaa’uun dhalootaaf akka darbuu taasisuun gaarii ta’a.

# *Wabiilee*


Abarraa Nafaa. (1999). *Afoola Oromoo Tuulamaa; Walaloo Geerarsa, (Jildii- 8) Qajeelcha Qormaata Afaan Oromoo.* Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa: Mana Maxxansa Komershaalii.

Addunyaa Barkeessaa.(2011). *Akkamtaa Yaadrimee qorannoo hujoo.*Finfinnee: Mega printing press.

Asafaa Tafarraa.(2003). *"Towards a political sociology of Oromo literature, Jarso wakos Poetry"*.Addis Ababa University, MA thesis.

___________.(2009). *Eela, Seenaa Oguma Oromoo*.Finfinnee: Printing by Far East Trading PLC.

___________ .(2011).*The Hug-Resistance poetry*. USA: Indian University.

Bascom, W, R. (1965). *Four Functions of Folklore.* 1995. In the study of Foklore, Alan Dundes pp 279 Englewood cliffs, NJ: prentice, Hall..

Beekan Gulummaa. (2011*). Dilbii:* Bu'uura Afoola, Ogafaaniifi Ogwalaloo Oromoo.

Bichaka Fayisa. (1996). *The Journals of Oromo studies.vol.3 (1and2).*Aspect of Oromo Culture endowments and their implication for economic development.

Biraanuu Hirkoo. (2003). *Biiftuu Ganamaa.*Finfinnee: Sof-Mic printing press.

Bukenya A. (1994). *Understanding oral literature.* Narobi: Narobi University Press

Dafaa Jamoo. (1974). *Aadaa Oromoo Wallaggaa*. Finfnnee: Mana Maxxansa Seenteraalii.

Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo:* Addis Ababa University. Dhaabbata maxxansaa Boolee.

_________.(2011). *Waadaa: Asoosamoota aartii biroo waliin.* Finfinnee: dhaabbata maxxansaa biraanaa

_________.(2013). *Bu'uura Qorannoo.* Yuunvarsitii Addis Ababaatti barsiisaa, qorataafi Bareessaa maxxansa lamaffaa printed: by far East trading PLC.

Denscombe, M. (2007).*The good research guide for small scale social research project 3rd ed.*open university press.

Dorson, R. (1972). *Folklore and folklife; an introduction.* Chicago: The Universityof Chicago

Dundes A. (1965). *The Study of folklore.* Berkley: Prentice Hall Inc.

Fedhasaa Taddasaa.(2013). Subii: Bu'uuraalee ogbarruu Oromoo.Finfinnee: Subii printing press.

Finnegan, R. (1970). *Oral poetry: its nature and significance and context.* Cambridg: Cambridg University press.

_________ .(1976).*Oral literature in Africa.* Nirobi: Oxford University Press.
_________ .(1992).*Oral Tradition and verbal Arts.* London: Rutledge.
Geetachoo Rabbirraa. (2008). *Furtuu Seerluga Afaan Oromoo.* Finfinnee Africa Lingua printing, P.L.C.
Gemechu Bekele. (2003). *A study of major themes in game Sellected songs of Ifinesh Keno* Unpublished MA thesis, Addis Abeba University.

Georges, R.A and Jones, M.O. (1995).*Folkloristic: An introduction.* Biloomingonton and Indiana polis: Indiana University Press.

Haayiluu Bantii. (1997). Coraa *Aadaa Oromoo Jimmaa.*Oromiyyaa: Bole Printing Enterprise.

Hiikaa Faqqadaafi Alamituu Olii. (2010). *Seensaafoolaa.* Jimma Yunivarsitii kan hinmaxxanfamne.

Martha C.Sims, Martine Stephens.(2005). *Living Folklore*: An introduction to the study of people and their traditions USA, utahe.

Melakneh Mengistu. (2008). *Fundamentals of literature.* Addis Ababa: Commercial P.E.

Misgaanuu Gulummaa. (2011a). *Dilbii: Bu'uura afoola. Ogafaaniifi af-walaloo Oromoo,* Finfinnee, Oromiyaa.

_______________ 2011b).*Naatoo: Duudhaa gaa'ela Oromoo.* Finfinnee Oromiyaa.

Nagarii Leencoo. (1995). *Wirtuu Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo.*Gumii Qormaata Afaan Oromoo Dhaabbata, Biiroo Aadaaf Tuurizimii Oromiyaa

Neuman.L.W. (2007).*Basic Social Research.Qualitative and Quantitative Approaches (2nd.Ed)*

Okpewho,I.(1992). *African oral literature*. Bloomington and Indiana polls: IndianaUniversityPress.

Oring, E. (1986). *Folk group and folklore genres.* An introduction logan utaha: Utaha University Press.

Ramailan, Z. Mabatho.(2005).*An investigation of the potential role that folklore can play environmental education south Africa;* western cope university.

Richard, B. (1992), *Folklore cultural performances popular Enterainment.* New York: Oxford University Press.

Summer, C. (1996).*Anthropology of Oromo.*Literature Privet songs Folklores.

Tafarii Ayyaanaa. (1998). *Afaan Oromoo New Syematic Books series.*Aster Nega publishing interprise.

Victor.D. (2009). *Research Design and Methods for studying Culculture.* New York*:* Altamira Wasanee Bashaa, (1984). *Barrulee Sinbirtuu.*, Oromiyaa Finfinnee.

# Dabalee A

Kabajamoo od-himtootaa hanga isinii danda'ametti odeeffannoo kennitan ifaafi guutuu akka gootan jechaa deggersi keessan galma ga'iinsa qorannichaafmurteessaa waan ta'eef, mudaa tokko malee bilisaan yaada keessan akka naaf qooddan kabajaan isin gaafadha.

Marii Garee.

1. Odeeffannoo Dimshaashaa

1.1. Hirmaattota : Dhi___Durba___Waliigala__________

1.2. Ganda______________________Garee_______________

1.3. Gaa'ela: Kan hinheerumne_______Kan heerumte______

1.4. Hojii: Qonnaan bulaa___Daldaalaa___Hojjetaa mootummaa___Kan biraa_____

2. Odeeffaannoo Qorannichaa

1. Weedduun arrabsoo fuudhaafi heerumaa yeroo ammaa akkamiin dagatame?
2. Faayidaa weedduun arrabsoo fuudhaafi heerumaa hawaasa oromoo keessatti qabu maali?
3. Weedduun arrabsoo fuudhaafi heerumaa mana intalaafi gurbaatti weeddifamu garaagarummaa akkamii qaba?
4. Weedduun arrabsoo fuudhaafi heeruma irratti weeddifamu maal maal fa'i? Kan yaadattan walaloo isaa naaf himaa?
5. Weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa aanaa kanaa ilaalchisee yaada dabalataa yoo qabaattan naaf himaa.

## Dabalee .B

Maqaa od-himtoota Marii Garee

| T.L | Maqaa od-himtootaa | Koodii | Saala | Umurii | Sadarkaa barumsaa | Ganda | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Xajjituu Birhaanuu | XB | Dha | 55 | 5 | 01 | 1/6/2011 |
| 2. | Shuumee Dheeressaa | ShDh | Dha | 53 | 0 | 01 | 1/6/2011 |
| 3. | Xibabuu Haayiluu | XH | Dha | 60 | 3 | 02 | 1/6/2011 |
| 4 | Baqqaluu Eebbaa | BE | Dha | 35 | 3 | 01 | 1/6/2011 |
| 5. | Ayyaantuu Hiikaa | AH | Dha | 26 | 10 | 01 | 1/6/2011 |
| 6. | Taabotee Janaa | TJ | Dha | 22 | 10 | 01 | 1/6/2011 |



Suura od-himtoota marii garee 01/06/2011

# Dabalee .C

Maqaa od-himtoota Marii Garee

| T.L | Maqaa od-himtootaa | Koodii | Saala | Umurii | Sadarkaa barumsaa | Ganda | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Roomee Malaakuu | RM | Dha | 32 | 5 | Baabboo Torban | 5/7/2011 |
| 2. | Birriituu Teessoo | BT | Dha | 74 | 0 | Baabboo Torban | 5/7/2011 |
| 3. | Janaa Tarfaasaa | JT | Dhi | 65 | 6 | Baabboo Torban | 5/7/2011 |
| 4. | Abarrash Tarfaa | AT | Dha | 80 | 0 | Baabboo Torban | 5/7/2011 |



Suura od-himtoota marii garee 05 /07/2011

## Dabalee .D

### 3.7. Weedduu Arrabsoo Jalbultii Qe’ee Warra Gurbaa

- **Intalli heerumaaf jarjaruu ilaalchisee**:

Hurree hurrummittii

Sayyuu gursummittii

Gundoo ati hodhattee

Tirmaa ati abdattee meerree.

1.Afuufe jettee ----------- hurree hurrimmittii

2.Boobee shan daaktee

3.Nafuudhi jettee

4. Boosse shan dhaamtee

5.Obboon hinfuudhuu

6.Farda isaa ergaa

7.Fardi obboo kunoo

8.Eegeen migiraa

9.Eeggadhu intaloo

10.Ejjee sidiraa.

- **Safuu waliin walqabatee**

Yaaulee maraa reejjii

**11**.Yaaulee maraa reejjii--------.Yaaulee maraa reejjii

12. Intalloo maraatteettii

13.Kuunnoo mataa deemtii

14.Qabaa geessaa biyya abbaasheettii.

- **Dheerina dabbasaa mataafi halalummaa ilaalchisee**

Yaa ulee maraa reejjii

**15.**Mataa kee dhooftaa mataa kee hidhuu-------yaa ulee maraa reejjii

16.Jedhee hindhaamnee yaaqiciicittii

17.Maqaa koo dhooftaa maqaa kee hindha’uu

18.Jedhee hindhaamnee yaamiriixittii.

- **Furdina qaamaa ilaalchisee**

Ashaare yaahadaa gumee’oo

Soddeen walharee dhume’oo

**19**. Kan gama deemuu hoobomoo cooraa------ Ashaare yaahadaa gumee’oo

20.Kan garaa keetii ulfa moo coomaa

21.Yooulfaa da’ii yoocoomaa daya’ii.

22.Yaahiddii maraa daashuree

23.Intalloo karaatti deessee

24.Haadha moo mucaa baaturee

- **Durbummaa qabaachuufi dhabuu ilaalchisee**

Hurree hurrummittii

Sayyuu gursummittii

Gundoo ati hodhattee

Tirmaa ati abdattee meerree

**25.**Yoo fiddee dhuftee-----Hurree hurrummittii

26.Araddaan keetii

27.Kan dugda hoomii

28. Obboon hirmaataa

29.Yoo dhiiftee dhuftee

30.Alangaan keetii

31.Kan dugda roobii

32.Soottoon irbaataa

33.Eessayyuu hindeemtuu

34.Biyyoon sinyaataa.

Hurree hurrummittii

Sayyuu gursummittii

Gundoo ati hodhattee

Tirmaa ati abdattee meerree

**35**.Coqorsa daarii --------- Hurree hurrummittii

36.Aramtee hinbaaftuu

37.Soqxee hindandeessuu

38.Obboon axaarii

39.Maltee hinbaatuu

40.Sobdee hindandeessu**.**

**41.** Mukarra deemii

42.Mixii funaanii

43.Mukarraa dhabdee

44.Lafarraa hindhabduu

45.Durbarra deemii

46.Liqii funaanii

47.Durbarraa dhabdee

48.Garbarraa hindhabduu

49.Kan garbi keessee

50.Ati eessa keessee.

**51.**Yoo fiddee dhuftee

52.Hortuun siinjedhaa

53.Araddaan keetii

54.Kan dugda hoomii

55.Yoo dhiiftee dhuftee

56.Ontuun siin jedhaa

57.Ontuu gaaguraa

58.Alangaan keetii

59.Kan dugda roobii

**60.**Obboon dhidheessaa ------Hurree hurrummittii

61.Qabee sigeessaa

62.Fardallee mitii

63.Harreerra teessaa

64.Miilla salphattaa

65.Farda gubbaattii

66.Dhiiftee dhufteeree

67.Qe'ee durbaattii.

Yaa ulee maraa reejjii

Intalloo maraatteettii

Kuunnoo mataa arreeddii

Qabaa geessaa biyya abbaaisheettii

**68.**Yaa gundoo golboo------ Yaa ulee maraa reejjii

69.Yaa qadaadashee

70.Sarareen hodhee

71.Anoo hinsararree

72.Mutaatu sararee

73.Yaa guddoo orfaa

74.Akka haadhashee

75.Anoo hinagarree

76.Obbootu argee.

Hurree hurrummittii

Sayyuu gursummittii

Gundoo ati hodhattee

Tirmaa ati abdattee meerree

**77.**Mana abbaa kootii ------ Hurree hurrummittii

**78**.Bililleen torbaa

79.Waancaan saddetii

80.Mana abbaa keetii

81.Billiqeen torbaa

82.Haadhaan saddetii

Yaa ulee jijiisaa buqqee

Intalloo diddirmaa dhuftee

karra hankaassaa qabaa ilaalaa

**83.** Ani durba beekaa-----------yaa ulee jijiisaa buqqee

84.Durba akka kootii

85.Ijatu goraadhaa

86.Harmatu gobaadhaa

87.Ani nadheen beekaa

88.Nadheen akka ishee

89.Irreeshee ilaallaan

90.Qaqalloo meexxii

91.Sooyyee bareedduu

92.Jala ishee ilaallaan

93.Qalqalloo reettii

94.Moonyeetu aseenaa

Balbalee balbala hindaaqqoo hudduu reejjii

Hin kennu balbala abbaakoo hudduu keettii.

95.Uraan gindii lamaa--- Balbalee balbala hindaaqqoo

96.Uramtittii kanaaf

97.Jirbii fiddan malee

98.Birrii fiddan malee

99.Hinkennu balbala abbaakoo .

- **Intalli durbummaa dhabuu isheetiif gadduu ilaalchisee:**

Maal maal jettee boossi isheenoo

100.Irraan gadee kufeen irraanfadhee dhufee------jettee boossi isheenoo

101.Miinzolii naafwaamaa harmee koottin dhaamaa

102.Lafa maasii hoffaa yoona taa'ee kolfaa

103.Madabiirran kaa'ee barariitu arraabee

104.Lafa maasii garbuu ani barbaadee hinarguu

105. Hanqaaquutu xaaxa'ee akaakuu naata'ee----- jettee boossi isheenoo

106.Haati koos akkasii akkoon koos akkasii

107.Gubbaa dirree dhaapheen gurbaa tikseef laadhee

108.Gubbaa keelloo dhaapheen gurbaa qeerroof laadhee

109.Gubbaa tuufoo dhaapheen gurbaa suubboof laadhee

110.Manni keenya Lakkuu gamaa

111.Humni keenya cubbuu qabaa

112.Ofileef dhaabbataa bullaa

113.Dhaqii ilaali obbooshee hingallaa.

114.Uleen waaritee caccabde'oo

115.Nutoo waarinee dadhabne'oo

116.Obboomoo obbolee waadhibe'oo

117.Obboo koo hindhibne'oo

118.Obbolee dhibnaan waarine'oo.

## Dabale .E

### 3.8. Weedduu Arrabsoo Jalbultii Qe'ee Warra Intalaa

- **Manaafi akaakuun tuffachuu**

Ashaare yaahadaa gumee'oo

Soddeen walharee dhume'oo

1.Manni abbaakoo------Ashaare yaahadaa gumee'oo

2.Irri qorqorroo

3.Jalli boqqoloo

4.Manni abbaakee

5.Irri sooyyamaa

6.Jalli foon namaa

7.Foon namaa hirmii

8.Siyaanyaatu rimmii.

- **Qabeenyaatiin tuffachuu**.

Yaa hurrii roobaa

Walharee dhume soddeen yoonaa

**9.** Yeroo isheen achiin asbaatee------ Yaa hurrii roobaa

10.Warra ginbiiti seenee

11.Warra abbaa birriiti seenee

12.Jarattii soddetii

13.Haramtuu dabooti isheenoo.

Ashaare yaahadaa gumee'oo

Soddeen walharee dhume'oo

14.Soddee inni durii--------- Ashaare yaa gumee

15.Bilillee fidaa

16.Dammaan kadhataa

17.Soddee isheen ammaa

18.Bixxillee fixxee

19.Marqaa kadhattii

20.Maaloo abbaa durbaa

21.Kennaafii dhiqaa gabatee

22.Dhibnaan kadhatee.

Ashaare yaahadaa gumee'oo

Soddeen walharee dhume'oo

**23**.Xuwwee irra kaa'ii---- Ashaare yaa gumee

24.Ittin bobeessaa

25.Munnee gadi taa'ii

26.Sittan odeessaa

27.Ani haadhoon gootaa

28.Jennaan maal gootaa

- **Dhaqna hinqabatin hafuutiin yoo arrabsitu**

Yaa hurrii roobaa

Walharee dhume soddeen yoonaa

**29**.Qarabaa qaruun kaleessaa------ Yaa hurrii roobaa

30.Soddee koo silaa hindhageessaa

**31.**Washalaan hafuun ba'eessaa?

Yaa hurrii roobaa

Walharee dhume soddeen yoonaa

**32**.Damma jiisaa gaaguraa----- Yaa hurrii roobaa

33.Soddee koo dalga ciibsaa afaan ulaa

34. Marrachiiseen washalaa irraa muraa**.**

- **Uffannaatiin yoo arrabsitu**

**35**.Maal goota kootii----- Yaa hurrii roobaa

36.Kootii ilma mootii

37.Badi adda kootii

38.Kan akka keetii

39.Gomjii harkiftii

40.Ittoo danfistii.

- **Nyaataan yoo arrabsitu**

**41**.Haadhoon koortuudhaa------- Yaa hurrii roobaa

42.Asheeta hin nyaattuu

43.Mootii midhaanii

44.Yoo gogsan malee

45.Soddeen suuftuudhaa

46.Ateeta hinooltuu

47.Salgan nadheenii

48.Yoo dhoksan malee

- **Gurbaan fuudhu guddisa yoo ta'e**

**49**.Yaa tulluu kussii----- Yaa hurrii roobaa

50.Dachaan tuffisaa

51.Yaagobaaxaree

52.Yaasangaa saree

53.Jecha koo kanaa

54.Maaf bobaataree

55.Atoo guddisaa

56.Akka ilmoo saree

57.Dallaatu gugguufee

58.Nandanqaraaree

59.Dallantu hudduukee

60.Singabbaraaree

- **Gurbaan fuudhu dhugaatii kan dhugu yoota'e**

**61**. Nanduula jettee---- Yaa hurrii roobaa

62.Akkamiin duultaa

63.Shaggarii jiruu

64.Naannessaa diillaa

65.Nan fuudha jettaa

66.Akkamiin fuutaa

67.Araqee jiruu

68.Raatessaa dhiiraa

69.Fuuti kee hinjiruu

70.Duutikee haadursu

71.Eenyu niitiinkee

72.Anoo giiftiikee.

- **Dhiirummaan gurbaa fuudhu tuffachuu**

**73.**Yaasangaa saree ----- Yaa hurrii roobaa

74.Maaf gomjaataree

75.Buqqeen dhangaadhaa

76.Nyaadheen argeeree

77.Atoo sangaadhaa

78.Saaqeen argeeree

79.Waarsaatu odeessaa

80.Niitii obboleessaa.

- **Gootummaa dhabuu gurbaa fuudhuun yoo arrabsitu**

Ashaare yaagumee'oo

Soddeen walharee dhume'oo

**81.**Ajjeeri ajjeeri----- Ashaare yaagumee'oo

82.Sooyyama duudaa

83.Ajjeesi ajjeesii

84.Soolana hantuutaa

85.Maaf didhaan duutaa.

Yaa hurrii roobaa

Walga'ee boo'a soddeen yoona

**86**.Utuu dur qottee------ Yaa hurrii roobaa

87.Goodaa maasii kee

88.Shumburaa qottaa

89.Shaxee babbaqxaa

90.Utuu dur dhuftee

91.Mana amaatii kee

92.Gunfuraan dhuftaa

93.Gunfura arbaa

94.Yaaseen gafarsaa

95.Atoo hinbaqattaa

96.Awwaara kaaftee

97.Eessatti agartaa

**98**. Aayyoo na hindeenyee----- Yaa hurrii roobaa

99.Na guddifattee

100.Atoo hinajjeesnee

101.Anoo hindhageenyee

102.Yoom quyifattee

103.Addaanuu sobaa

104.Bassaan corroqaa

105.Narraayyuu hincobaa

106.Anuu sigeessaa

107.Malkaa didheessaa

108.Anuu ajjeesaa

109.Atuu dibadhuu

110.Mirga dubartii

111.Gallee hubannaa

112.Balbala durattii.

- **Qaama miidhamummaan yoo arrabsitu**

**113.**.Daaraan margaaree-------- Yaa hurrii roobaa

114.Facaasii ilaalii

115.Baallaan kee argaaree

116.Aqaaqii ilaalii

117.Gajamoo hinqabduu

118.Maaf muka yaabdaa

119.Dunbulloo hinqabduu

120.Maaf fuudha yaaddaa

**121.**Baala sokokkee

122.Eessa dhaqxa soddee

123.Naafa gotottee

124.Cabi akka sooyyama xobbee

Yaa hurrii roobaa

Walharee boo'a soddeen yoonaa

**125.** Midhaan koo hinmargee----- Yaa hurrii roobaa

126.Aramaan qixxee

127.Cidhaan keen argee

128.Isa jilbaan qixxee.

129.Isa silmiin fixxee

- **Haadha gurbaa fuudhuu yoo tuffattu**

130.Harmeen haati koo----- Yaa hurrii roobaa

131.Diinqarra teessee

132.Cooma murmurtii

133.Harmeen haati kee

134.Karaarra teessee

135.Qola gurgurtii.

- **Balbala dhowwannaa**

**136.**Balbalee balbala hindaaqqoo

137. Hinkennu balbala abbaakoo

138.Yaasoddee achuma dhaaphuu.

139.Mukarbaa doggomaa

140.Fidi yaa tortoraa

141. Gatiin balbalaa soddomaa.

Yaa hurrii roobaa

Walga'ee boo'a soddeen yoonaa

**142.** Mana abbaa kootii ------- Yaa hurrii roobaa

143.Godoo kee seetee

144.Hingugguufinii

145.Minxaafii harmee koo

146.Raroo kee seetee

147.Itti hindhuufinii

148.Mana abbaa kootii

149.Kan baalli hinbuunee

150.Baalageetu guutee

151.Baalallee hinharuu

152.Baalageef safuu.

- **Akkaataa nyaataan yoo arrabsitu**

**153**.Gabatee nyaata sidaamaa------ Yaa hurrii roobaa

154.Qalbiin nyaadhu yaa soddee

155.Gama kee maaltu sisaamaa

156.Yaa harree teepha baadhuu (2)

157.Martee hingudunfinii

158.Yaa soddee suuta nyaadhuu (2)

159.Martee hinhuduminii

160.Yoo ofii ganna baatee

161.Haadhoo koo ganna hinbaaftuu

162.Gaangoon maggaltee

163.Soddeen qoonqoof asgaltee

164.Itti haraa haraa gabatee

165.Haaka'uu afaan naqatee.

**166**.Baaqilaa daakii--------- Yaa hurrii roobaa

167.Kan akka xaafii

168.Haati kee haamooqxuu

169.Ani siin gingilchaa

170.Gaa'ela hankaakii

171.Kan akka raajii

172.Haati kee haaboossuu

173.Ani siin ililchaa.

- **Ulee ulee yabaala nuugii**

174.Kan sodden horee ------Ulee ulee yabaala nuugii

175.Yawaaq duguugii

176.Soddeen kun meeqaa

177.Maalittan beekaa

178.Lakkoofsaan torbaa

179.Haxaa'i golfaa

180.Yadiimaa biluu

181.Yadi isaa diruu.

**182**.Yaa Jimmaa raaree

183.Fuudhee galaaree

184.Rakoo qalaaree

185.Hankaassi waaree

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaannee ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiiniin mirkaneessa

Maqaa Qorataa ___________________________

Mallattoo _______________________________

Guyyaa _______________________________